مؤسسة دار الفكر
Dar Al-Fiker Foudation
فنفني – إثيوبيا

# الجمع بين القراءتين
# قراءة الوحي وقراءة الكون

د. طه جابر العلواني

# WAL BIRA QABIINSA DUBBISA WAHYII FI UUMAMAA

Qopheessaan:

Dr. Xaahaa Jaabir Al-Alwaani

Hiikaan:

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

Finfinnee - Itiyoophiyaa 2018

# الجمع بين القراءتين
# قراءة الوحى وقراءة الكون
## د. طه جابر العلواني

# Wal Bira Qabiinsa Dubbisa Wahyii fi Uumamaa

**Qopheessaan:**



## Dr. Xaahaa Jaabir Al-Alwaani





**Hiikaan:**

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

*Mirgi maxxansaa Faawundeeshiinii Daar-Al Fikiriitiif Seeraan Eeggamaadha*

**Finfinnee – Itiyoophiyaa 2018 G.C**

**DF-E-TrBs-18/64**

# Baafata

**Dhiyeessaa:........................................................... 4**
**Dursa................................................................................7**
**Yaad-Rimee Dubbisa Lamaanii ........................................12**
**Akkaataa Dubbisa Lamaan Wal Bira Qabanii Ittiin ILaalan: .............................................................. 29**
**Dhimmichi Dhimma Qur'aanawaa fi Addunyaawaadha .. 41**
**Beekkumsa Islaamessuu fi Booddee Dhala Namaa........... 44**

# *Maqaa Rabbii Tola Oolaa fi Mararfataatiin (Jalqaba)*

## Dhiyeessaa:

Galanni kan Rabbii waan hundaaf namaa gayuuti. Nagayaa fi tolli Rabbii gabroottan isaa ka ofii filate irratti haa jiraatu.

Fuul-dura nama waa dubbisuu kan jiru kun, mul'ata beekkumsaa kan dubbisa lamaan walitti makuuti. Dubbisni lameen kunis: kitaaba Rabbii kan barraayee nu bira jiru (*wahyii*) fi kitaaba Rabbii kan ijaan arginuu (hawaa)ti. Dubbisni lameen kunis akka burqa beekkumsa ilma namaa kan waa wal-madaalsisuu fi waa hubatuutti fayyada. Qur'aana keessaa keeyyanni jalqaba buufames bifa irra deddeebi'ameen kanuma ibsa.

﴿ ٱقۡرَأۡ بِٱسۡمِ رَبِّكَ ٱلَّذِي خَلَقَ ١ خَلَقَ ٱلۡإِنسَٰنَ مِنۡ عَلَقٍ ٢ ٱقۡرَأۡ وَرَبُّكَ ٱلۡأَكۡرَمُ ٣ ٱلَّذِي عَلَّمَ بِٱلۡقَلَمِ
٤ ﴾ العلق: ١ - ٤

*[Maqaa Rabbii si uumeetiin dubbisi. (Rabbii) ilma namaa dhiiga ititaa irraa uume. Dubbisi! Rabbiin kee arjaadha. Kan qalamaan (waa barreessuu nama) barsiise] (A-Alaq: 1-4).*

Yeroo lama irra deddeebi'ee, yeroo tokko maqaa Rabbii si uumeetiin, yeroo lammataa maqaa isaa qalamaan waa nama barsiiseetiin dubbisi jedhame.

Ilaalchi beekkumsaa kan *Dr. Jaabir Al-Alwaaniin* nuuf dhiyeesse kun, dhimmoota dimshaashaa bocuu fi akkaataa Qur'aana kabajamaa waliin itti jiraatanii fi akkaataa wal-gitiinsa dhugaa battalaa wajjiin inni qabu irratti qorannoolee dhugaa kanneen xiinxala namaa kakaasanii fi mul'ata adeemsa beekkumsaa kan beekkumsa Islaamessuu hojii irra oolchuu keessatti fakkeenya guddaadha. Gama biraatiin immoo adeemsota itti fayyadama hambaalee Islaamaa fi xiinxala namaa

irraa fayyadamuu keessatti bu’aa hin qabne irraa fagaachuu akka qabnu ibsa. Adeemsonni kunis:

1- **Adeemsa waan hunda cal-jedhanii fudhachuuti**. Adeemsi kunis: yookii gama dhimmoota waan kanaan dura dabran kan dhugaa yeroo ammaa kanaan guutumatti wal-hin fakkaanne keessa harka naqatanii rakkinoota inni qabu irra gayuuf jala deemtummaatti kan nama geessu ta’a. Yookii immoo akkuma bobbaa horii fi akkeeffannaa jaamaatti warra Dhihaa fi duudhaa isaanii kan mul’ata *wahyii* hir’ifamee irraa walitti qabame ykn mul’ata qabeenyi hawaaf, namaa fi jireenyaaf qabu qofa jala yaa’uutti nama geessa.

2- **Adeemsa waan hunda osoo qorannoo irratti hin gaggeessine fudhachuu diduu:** adeemsi kunis kuufama beekkumsaa nu dhabsiisa, dhugaa jirtu baleessa, jidduu keenyaa fi wal-qixxummaa *[wal-qixxeessaa, santu sodaa (Rabbii)tti dhiyaataa]* jechuun itti ajajamnee san addaan fageessa.

3- **Adeemsa cal-jedhanii filachuu**: adeemsi kunis karaa waa walitti dhiyeessuu, wal-madaalsisuu, kijiba itti laaquu, wal-simsiisuu fi tooftaalee biroo kan namni wal-qixxummatti amanu hin fudhannetti nama geessa.

Kitaabni nuti har’a dubbisaa jirru kunis, sirna beekkumsa Islaamummaa ijaaruuf, bu’uura adeemsa ijaarsaa kan akeeka, ibsaa fi akkaataa dubbisa lamaan walitti makan mul’isuuf, yaaddan haaraya dhiyeessuu fi akkaataa isa irraa itti fayyadamnuu fi hariiroo inni *Qur’aanaa* fi *sunnaa* waliin qabu tiiysuuf, ijjannoo inni duudhaalee birootiif qabu daangessuu fi

seera isaa keessaa akka beekkumsi maddu godhuuf fakkeenya hojiin mul'ifamu kan akka moodeelaatti fudhatamuudha.

Akka Rabbiin kitaaba kanaan ummata fayyadu abdiin qaba. Kitaabni kun barreeffamoota Islaamaa kanneen dhugaa irratti hundaa'anii nama fayyadanitti akka nama geessu fi burjaaja'iinsa xiinxala ammayyaa kana keessaa bayuuf tarkaanfii akka ta'u abdiin qaba.

*Kaayiroo*
*Jalqaba ji'a Rajabaa, 1415H.*

*Dr. Alii Jum'aa Muihammad*

*Yunivarsitii Azharitti, Barsiisaa Usuula Al-Fiqhiiti.*

## Dursa

Ummanni Islaamaa kan ummanni Arabaa handhuura isaa ta’e kun wantoota adda isa godhan hedduu qaba. Addummaa kana keessaa:

**1- Ummata waa Dubbisuudha**: Qindeeffamni isaa jecha dubbisi jedhuun jalqabe. Jecha waraanii ykn loliitii ummata san cabsi jedhuu miti. Jalqabni isaa dubbisatti ajajuu ture. Sunis jecha Rabbiin guddaan *Qur’aana* isaa keessatti akkana jechuun nuuf ibseedha:

﴿ ٱقۡرَأۡ بِٱسۡمِ رَبِّكَ ٱلَّذِي خَلَقَ ١ خَلَقَ ٱلۡإِنسَٰنَ مِنۡ عَلَقٍ ٢ ٱقۡرَأۡ وَرَبُّكَ ٱلۡأَكۡرَمُ ٣ ٱلَّذِي عَلَّمَ بِٱلۡقَلَمِ
٤ عَلَّمَ ٱلۡإِنسَٰنَ مَا لَمۡ يَعۡلَمۡ ٥ ﴾ العلق: ١ - ٥

*[Maqaa Rabbii si uumeetiin dubbisi. (Rabbii) ilma namaa dhiiga ititaa irraa uume. Dubbisi! Rabbiin kee arjaadha. Kan qalamaan (waa barreessuu nama) barsiise. Kan ilma namaa waan inni hin beekne barsiise] (A-Alaq: 1-5).*

**2- Addummaan Lammataa**: qaroomni Islaamaa kan ummanni kun boce, qarooma hawaa, namaa fi addunyaa guutuuf ta’u kan *Qur’aanni* kabajaa hundeesse malee waan biraatii miti. Yoo moofe ykn dulloome ykn yoo namoota qarooma kanatti amananitti yeroon dheeraan irra kutee onneen isaanii goguu eegalte, xurreen isa ittiin haaroomsanii ittiin jijjiiran karaa waa dubbisuutiini. Kaayyoon ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* ergamaniif kanuma irraa ka’eeti.

﴿ هُوَ ٱلَّذِي بَعَثَ فِي ٱلۡأُمِّيِّـۧنَ رَسُولٗا مِّنۡهُمۡ يَتۡلُواْ عَلَيۡهِمۡ ءَايَٰتِهِۦ وَيُزَكِّيهِمۡ وَيُعَلِّمُهُمُ ٱلۡكِتَٰبَ
وَٱلۡحِكۡمَةَ وَإِن كَانُواْ مِن قَبۡلُ لَفِي ضَلَٰلٖ مُّبِينٖ ٢ ﴾ الجمعة: ٢

*[Inni (Rabbiin) isaa ummata waa dubbisuu fi barreessuu hin dandeenyetti ergamaa isaa kan Qur'aana isaa (Rabbii) isaaniif himu, kan wantoota fofokkuu irraa isaan qulqulleessu, kan Qur'aanaa fi sunnaa isaan barsiisu isaaniif ergeedha. Saniin dura isaan jallina ifa galaa keessa turan] (AL-Jum'a: 2).*

Nabi Ibraahimis akkana jechuun Rabbii isaa kadhate:

﴿ رَبَّنَا وَٱبۡعَثۡ فِيهِمۡ رَسُولٗا مِّنۡهُمۡ يَتۡلُواْ عَلَيۡهِمۡ ءَايَٰتِكَ وَيُعَلِّمُهُمُ ٱلۡكِتَٰبَ وَٱلۡحِكۡمَةَ
وَيُزَكِّيهِمۡۚ إِنَّكَ أَنتَ ٱلۡعَزِيزُ ٱلۡحَكِيمُ ١٢٩ ﴾ البقرة: ١٢٩

*[Rabbii keenya! Ergamaa isaan irraa ta'e kan Qur'aana kee isaan irratti dubbisu, kan Qur'aanaa fi Sunnaa isaan barsiisu, kan wantoota fofokkuu irraa isaan qulqulleessu ergiif. Ati danda'aadha, ogeessa] (Al-Baqara:129).*

Rabbiin tola gabroota isatti amananitti oole yeroo dubbatu akkana jedha:

﴿لَقَدۡ مَنَّ ٱللَّهُ عَلَى ٱلۡمُؤۡمِنِينَ إِذۡ بَعَثَ فِيهِمۡ رَسُولٗا مِّنۡ أَنفُسِهِمۡ يَتۡلُواْ عَلَيۡهِمۡ ءَايَٰتِهِۦ
وَيُزَكِّيهِمۡ وَيُعَلِّمُهُمُ ٱلۡكِتَٰبَ وَٱلۡحِكۡمَةَ وَإِن كَانُواْ مِن قَبۡلُ لَفِي ضَلَٰلٖ مُّبِينٍ ١٦٤ ﴾
آل عمران: ١٦٤

*[Rabbiin dhugumaan namoota isatti amananitti tola oolee jira. Ergamaa isaan irraa ta'e kan Qur'aana isaa isaanitti dubbisu, kan (waan badaa irraa) isaan qulqulleessu, kan Qur'aanaa fi Sunnaa isaan barsiisu isaanitti erge, saniin dura jallina keessa jiraatanis] (Aala Imraan: 164).*

Ammas Rabbiin guddaan ol ta'e akkana jeda:

﴿ فَٱتَّقُواْ ٱللَّهَ يَٰٓأُوْلِي ٱلۡأَلۡبَٰبِ ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْۚ قَدۡ أَنزَلَ ٱللَّهُ إِلَيۡكُمۡ ذِكۡرٗا ١٠ رَّسُولٗا يَتۡلُواْ عَلَيۡكُمۡ ءَايَٰتِ ٱللَّهِ
مُبَيِّنَٰتٖ لِّيُخۡرِجَ ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ وَعَمِلُواْ ٱلصَّٰلِحَٰتِ مِنَ ٱلظُّلُمَٰتِ إِلَى ٱلنُّورِۚ ١١ ﴾ الطلاق: ١٠ - ١١

*[Yaa warra sammuu qabdan, Rabbiin sodaadhaa; warra Rabbitti amantan. Rabbiin dhugumaan Yaadachiisa isinitti ergee jira. (Innis) ergamaa mallattoolee Rabbii tan waan hunda ifatti baaftu isin irratti dubbisuudha. (Sunis) akka warroota (Rabbitti) amananii waan gaggaarii dalagan dukkana keessaa gara ifaatti baasuufi] (Axxalaaq: 10-11).*

Ammas Rabbiin akkana jedha:

﴿ لَمۡ يَكُنِ ٱلَّذِينَ كَفَرُواْ مِنۡ أَهۡلِ ٱلۡكِتَٰبِ وَٱلۡمُشۡرِكِينَ مُنفَكِّينَ حَتَّىٰ تَأۡتِيَهُمُ ٱلۡبَيِّنَةُ ١ رَسُولٞ مِّنَ
ٱللَّهِ يَتۡلُواْ صُحُفٗا مُّطَهَّرَةٗ ٢ ﴾ البينة: ١ - ٢

*[Warroonni kitaaba kennaman (Yahuudaa fi Kiristaanonni), akkasumas Mushrikoonni Rabbiin didan, haga ragaan (dhugaan kitaaba isaanii keessatti dubbatame) isaanitti dhufutti hin dhiifamne. (Ifnanni sunis) ergamaa Rabbiin biraa ergame (Muhammadiin) kan Qur'aana qulqulluu irraa isaaniif waa dubbisu] (Al-Bayyinah: 1-2).*

Rabbiin ergamaa isaa *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* irraa amala nama irratti ol ta'uu fi boonuu irraa dhabamsiisee jira.

﴿ لَّسۡتَ عَلَيۡهِم بِمُصَيۡطِرٍ ٢٢ ﴾ الغاشية: ٢٢

*[ (Ati Yaa Muhammad! akka isaan Rabbitti amananiif jecha) kan isaan dirqisiiftuu miti] (Al-Gaashiyah: 22).*

﴿ وَمَآ أَنتَ عَلَيۡهِم بِجَبَّارٖۖ ﴾ ق: ٤٥

*(Ati Yaa Muhammad akka isaan Rabbitti amananiif jecha) kan isaan irratti ol'aantummaa qabduu miti]. (Qaaf: 45*

Rabbiin ergamaa isaa wanti ergeef, akka amantiin qajeellumaa fi dhugaa harka isaa irratti ilma namaatiif ifa bayuufi. Akka qajeellumni fi nageenyi dachii hunda wal-gayee ilmi namaa guutumatti amantii Islaamaa seenuufi. Addummaa ergaan isaanii*(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* qabdu keessaa tokko: dimshaashummaa, waa hunda of keessatti hammachuu, yaamicha addunyaa hundaaf dhiyaate ta'uu, yaamicha Rabbiin irraa dhufe ta'uu, yaamicha waan hunda wal-madaalsisuu fi kan adeemsa beekkumsaa irratti hundaa'e ta'uu isaati.

**3- Addummaan Sadaffaan:** Ummanni kun kan waan hunda walitti qabatuu fi kan hambaalee nabiyyii tiiysan, kan hambaalee san irratti amanamoo ta'aniidha:

﴿ وَٱلَّذِيٓ أَوۡحَيۡنَآ إِلَيۡكَ مِنَ ٱلۡكِتَٰبِ هُوَ ٱلۡحَقُّ مُصَدِّقٗا لِّمَا بَيۡنَ يَدَيۡهِۗ إِنَّ ٱللَّهَ بِعِبَادِهِۦ لَخَبِيرُۢ بَصِيرٞ ٣١ ثُمَّ أَوۡرَثۡنَا ٱلۡكِتَٰبَ ٱلَّذِينَ ٱصۡطَفَيۡنَا مِنۡ عِبَادِنَاۖ فَمِنۡهُمۡ ظَالِمٞ لِّنَفۡسِهِۦ وَمِنۡهُم مُّقۡتَصِدٞ وَمِنۡهُمۡ سَابِقُۢ بِٱلۡخَيۡرَٰتِ بِإِذۡنِ ٱللَّهِۚ ذَٰلِكَ هُوَ ٱلۡفَضۡلُ ٱلۡكَبِيرُ ٣٢ ﴾

فاطر: ٣١ - ٣٢

*(Yaa ergamaa Rabbii) Qur'aana irraa kan nuti sitti buufne kun dhugaadha. (kitaabban) isaan dura buufne, dhugoomsaadha. Inni (Rabbiin) gabroota isaatiif beekaa fi argaadha. Eega sanii (erga ummatoonni durii sun dhumanii) booda gabroota keenya irraa warra filanne Qur'aana isaan dhaalchifne. Isaan keessaa nama lubbuu ofii miidhetu jira. Isaan keessaa nama jiddu*

*galeessatu jira. Isaan keessaa nama fedhii Rabbiitiin toltuu hunda keessatti ariifataa ta'etu jira. Sun tola ifa galaadha]. (Faaxir: 31-32).*

**4- Addummaan Afraffaan**: Tokkichummaa Rabbii Qulqulluuti. Wanti ummata kana ummatoota biraa irraa adda godhu bifa qulqulluu ta'een tokkichummaa Rabbii isa dhugaa san tikfachuu isaaniiti. Innis: tokkichummaa, Rabbummaa, gabbaramuu fi maqaa fi ibsatti homtuu isa fakkaachuu dhabuuti. Toowhiidni kunis tokkichummaa waan hunda walitti qabatu, kan nabiyyoonni hundi ittiin ergamaniidha. Amantiin Islaamaa amantii tokkichummaa Rabbiitti waamu kan nabiyyoonni fi ergamtoonni hundi ittiin ergamaniidha.

Irraa haqiinsi ykn itti dabaliinsi ergaalee ergamtoonni kanaan duraa qabatanii dhufan hedduu jijjiirus, garuu Rabbiin guddaan hambaalee tokkichummaa isaa kan nabiyyoonni hundi ittiin ergaman bu'uura amantii Islaamaa kan ta'e kana tiiysee, seerota hundee isaa hunda kitaaba haga dhumaatti homtuu isa hin injifanne (Qur'aana) duraa fi duuba isaatiin wanti isa balleessu itti hin dhufne keessa kaayee jira. Kunis akka toowhiinni (tokkichummaan Rabbii) ulaagaa fi madaala daangaalee fi addaan baaftuu jidduu Rabbummaa fi gabrummaa jiru ibsuuf dandeettii qabu mul'isuufi.

Gabbartii gama hundaanuu Rabbii ol'aanaa ta'e qofatu haqa godhata. Gaabrummaan immoo namni hunduu addummaa/amala gabbartii irraa qulqullaayee gabroota Rabbii ta'uun waan hundaanuu isa biratti wal-qixa ta'uudha. Kunis bifa onnee fi sammuun isaanii dhiibbaalee biraa irraa bilisa ta'een, akka dachii kana irratti bakka buufaman ni hubatu. Dhimmi bakka

buufamaniif kunis dhimma beekkumsaan, adeemsaan, gadi dhaabannaa qabaachuun, jiddu-galeessummaa, wal-qixxummaa, amaanaa qabaachuu, shari'aa jala deemuu fi bifa dimshaashawaa itti fufiinsa qabuun wahyii fi hawaa dubbisan malee akka fiixa hin baane ni beeku.

## Yaad-Rimee Dubbisa Lamaanii[1]

Dubbisni ajajni Rabbii itti yaamu sun dubbisa mallattoolee murtaa'ee fi kallattiileen isaa ifaa ta'eedha. Ajajni Qur'aana keessatti dubbatame dubbisa lamatti yeroo lama ajaje:

---

[1]- Ilaalcha Dubbisa Lamaan Walitti Qabu: Dubbisa wahyii fi hawaa-Jechi kun kan dhufe *Al-Haaris Al-Muhaasabii* nama jedhamutu kitaaba isaa *(Al-Aqlu wa Fahmu Al-Qur'aan-* Sammuu fi hubannaa Qur'aanaa) jedhu keessatti walitti qabe. Rabbiin tola isatti haa ooluu kitaaba san keessatti Qur'aana hubachuun homa hubannoon hawaa barbaadu sanitti hajama. Hayyuun Fakru Arraazii jedhamus kitaaba tafsiira isaa guddicha (*Mafaatiih Al-Geeybi* – Furtuulee waan ija namaa jalaa dhokatanii) jedhu keessatti yaaduma kana deeggara. Hayyuun kun qabiyyee tafsiira isaa keessa jiru kan saayinsii, aartii hawaa kan lubbuu, kan beekkumsa nama irraa dhaalamee, kan sammuu, kan uumamaa fi kkf bifuma tokkoon bocee lafa kaaye. Yeroo kana godhu akka waan beekkumsa ilmi namaa irra gaye hundaa Qur'aanatti deebisnee, isa irraa qabsiifannee hubachuu qabna jedhuuti. Kana immoo barruulee isaa ka *Tafsiiraa* hedduu irraa arguu dandeenna, keessattuu seensa isaa keessatti. Inumayyuu kana bira kutuun saayinsiiwwanii fi beekkumsa hunda bakka saditti qoode. Innis: saayinsiiwwan Qur'aana irraa beekkumsa fudhatan, kan Qur'aanni isaaniin hubatamuu fi hiikkamu, saayinsiiwwan gama wayiitiin isatti irkatan. Beektonni hedduunis kanuma deeggaran. Garuu gadaa keenna kana keessatti namoota waa'ee kanaa irratti qorannoo cimaa taasisan keessaa inni guddaan Muhammad Abu Al-Qaasim Haaji Hamad jedhama. Innis

**Dubbisni Jalqabaa**: Maqaa Rabbii ol'aanaa ta'eetiin wahyii Rabbiin irraa buufame kan buufamiinsi isaa hanga Qur'aana kabajamaa guutuu ta'etti itti fufaa ture kabajamaa keessa isaatti waa heddu of keessatti hamate san Yaa Muhammad ilma namaatiif dubbisi. Akka namni irraa baratuuf ittiin yaadachiisiin.Akka isa irraa gorsa fi qajeelluma baratanii lubbuu fi jireenyi isaanii wantoota fofokkuu irraa qulqullaayuuf. Akka

---

kitaaba isaa sadi kan "Addunyaa Islaamaa isa Lammaffaa", (Al-Azma Al-Fikriyya fi Al-waaqi Al-Arabii) jedhuu fi kitaaba isaa (Manhajiyyatu Al-Qur'aan Al-Ma'arafiyya) jedhu keessatti sirritti ibsee jira.

Tokkoo tokkoo dhimmichaa gadi bu'iinsaan yoo ilaalan garaagarummaan jiraatus, dubbisa lamaan wahyii fi hawaa walitti qabuun yaada beekkumsa Islaamessuu dhaabbanni addunyaawaan ilaalchi Islaamaa irratti bu'uureffameef qabxii ka'umsaati. Dubbisa lamaan walitti makuun gadaa jalqabaa keessa adeemsa ifatti mul'ataadha. Burqaan humna isaanii kan keeyyataa fi dhugaa jiru walitti hidhu akka isaan keeyyata hubannaa sirrii ta'e hubatan isaan godhee jira. Akkasumas osoo saayinsiiwwan sammuu Muslimaa fi wahyii addaan fageessan hin dhufiniin duratti, akka isaan qarooma cimaa fi boonsaa ta'e addunyaaf gumaachan isaan gargaare.

Warroota *salafaatiif* dubbisa lamaan walitti makuun adeemsa nagaya qabeessa sammuu qajeelluma qabuu, wahyii tikfamaa fi haala jijijjiiramaa ittiin wal-simsiisaniidha. Adeemsi wal-simsiisuu kunis beekkumsa wahyii buufamee fi hubannaa isaa, akkaataa isa haala yerootiin walitti hidhan, bifa safuu qarooma Islaamaa eeggateen akkaataa haala jireenyaa sirreessuu keessatti shoora guddaa taphata.

Adeemsi dubbisa lamaan walitti makuu qaawwa godhachuu kan eegale beekkumsa jiddu-galeessi kan sammuun Muslimaa keeyyatoota Qur'aanaa ykn dhimmoota hawaa hordofuu irraa ittiin jeeqame eega dhufeen booda. Kunis keeyyatoota wahyii fi haala dhugaa battalaa addaan baasuun gargar qoodiinsatti geesse.

isaan itti gaafatamummaa bakka bu'ummaa bayachuu danda'an, dirqama amaanaa isaanitti kennamee fi ijaarsa dachii kanaa akka bayataniif.

Ergamaan Rabbii *(Nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* yeroo dubbisi isaanii jedhamnaan ani dubbisee hin danda'u jedhanii deebisan san, akka wanti isaan irraa barbaadame waan isaan irratti dubbifamu dubbisuu ta'e beekanii, dubbisuu fi barreessuu waan hin dandeenyeef, beekkumsa irraa wanti isaan dubbisuu qaban waan hin jirreef, Rabbiin guddaan dubbisa san maqaa Rabbii keetiitiin dubbisi jechuun walitti hidhe.

Kun immoo akka waan Rabbi dhimma hin beeyne, kan raawwachuu qabdu kana ilaalchisee adda hin jirtu, Rabbiin kee kan waan baay'ee siif kenne si waliin jira jechuuti. Akka waan akkaataa waan itti ajajamte kana itti raawwattu si barsiisa, inumayyuu sanii olitti akkuma Aadamiin maqaa waan hundaa barsiise, akkuma nabiyyoota akka Ibraahiim, Muusaa, Iisaa fi ergamtoota biraas barsiise sihis ni barsiisa jechuuti. Kanaafuu dubbisa keessatti isatti gargaarsifadhu inni si gargaaraa, waan dubbistu siif ibsuu, si barsiisuu fi akka isaan nama irratti ragaa baasisiiftuuf si waliin ta'a.

Rabbiin guddaan waan hundaa ol ta'e waa'ee ilma namaa dubbate jira. Keessattuu akkaataa uumama ilma namaa dubbachuun sun ergamaa Rabbiitiin *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irra haa jiraatuu)*Rabbiin waan hunda uumee, ilma namaas dhiiga ititaa irraa uume, dandeettii waa dubbisuu siif kennuun isa irratti waan ulfaatuu miti akka waan isaan jedhuuti. Akkasumas waa'ee akkaataa uumama ilma namaa dubbachuun sun sammuu isaanii qajeeltuu fi lubbuu isaanii kabajamtuu san gosa dubbisa

lammaffaatiif qophessuufi. Dubbisni sunis uumaa dubbisuu fi argama qu’achuudha.

Kanaafuu dubbisni kunniin lameen kitaaba lamaan isa dubbisuun dirqama godhameedha. Isaanis: kitaaba Rabbiin irraa buufame ka injifataa (dadhabsiisaa) waan hundaa ta’e (Qur’aana) fi kitaaba uumamaa banamaadha. Innis ilma namaa irraa eegalee uumama kanaa fi hawaa hunda hubachuudha. Akka beekkumsi qaroomina guutuu ta’ee kan akka ilmi namaa itti gaafatamummaa dachii irratti bakka bu’iinsaa akka bayatu, amaanaa isatti kenname bakkaan gayuu fi dachii kana misoomsuu akka danda’uuf jecha dubbisa lameen san walitti makanii dubbisuun dirqama ta’a.

Kunis beekkumsa waan namaaf himame qofatti geeffachuu osoo hin taane, namoota biraa irraa barachuun, irraa odeeffachuun, kitaabota dubbisuun, waan baratan san barreessuun, ilma namaa jiddutti beekkumsaa fi muuxannoo waliif raabsuun, qalama Rabbiin ittiin nama barsiisee tooftaa beekkumsaa, kan beekkumsa ittiin wal-jijjiiran, ittiin guddisanii fi nama irraa gara nama biraatti beekkumsa ittiin dabarsan godhe kanatti fayyadamuuni.

Dabalataanis, beekkumsa adda addaa kan Rabbiin nama badhaase, kan sammuun namaa waa uumuu fi beekkumsa biraa irraa qabsiifachuun argattu hundayyuu, kan jecha Rabbii guddaa: “Ilma namaa waan inni hin beekne isa barsiise” jedhu jala galu hundattis fayyadamuu qabna. Beekkumsa ilma namaatiif burqaalee lama kan ilma namaa beekkumsa qarooma mul’atuu kanatti geessan, kan itti gaafatamummaa dachii misoomsuu fi

bakka bu'ummaa uumama kana keessatti namatti kenname bayachuu danda'uutti nama geessantu jira.

Madda lamaan beekkumsaa san walitti makuun dirqama. Qur'aanni kabajamaa fi ergaan isaa kan qayyabatamuun uumamaa fi argamaani. Hawaanis hubatamee itti gaafatamummaa isa keessatti bakka bu'iinsaa fi amaanaa namatti kenname bayachuun kan danda'amuun Qur'aana guddaa fi qajeeluma isaatiini. Kanaafuu maddeen lamaan wal-maddii dubbisuu fi ajaja dubbisa lamaan dubbisuu hojiin mul'isuun dirqama. Maddeen lameen kunis: Maddi jalqabaa - wahyii Rabbiin biraa buufame kan Qur'aana kabajamaa kaayyoo Rabbiin ilma namaa uumeef namaaf ibsu, kan seerota sosochii hawaa kanaa nuuf himu, kan adeemsaa fi shari'aa nuuf ibsu fi kan dhugaalee bu'uura ta'an nutti himuudha.

Maddi lammataa immoo hawaa kana bifa dimshaashawaa dandeettii Rabbii, ibsa (sifaata) isaa, akkaataa inni ilma namaa fi cufuma uumama hunda itti uume, gooftaa guddaa waa hundaa ol ta'e kana Rabbummaa (uumaa waan hundaa ta'uu) isaa xiinxaluu, arjummaa inni ilma namaa irratti oole hubachuu, ilma namaa kana dachii keessatti bakka bu'aa godhee uumama kanaaf nama amanamaa isa taasisee akka inni dachii tana ijaarsaan misoomsu isa godhee waa hunda isaaf laaffise kana xiinxaluun isaaf masakamuudha.

Qur'aanni kabajamaan keeyyatoota waa heddu of keessatti hammatteen guutame kan waa'ee kanaan dura tureen walitti hidhata qabu kun, burjaaja'iinsa beekkumsaa gadaa bufamiinsa Qur'aanaa keessa ture kana furuu keessatti tooftaa fiixa bayaa ture. Burjaaja'iinsi buufama Qur'aanaa dura ture sunis gadaa

wallaalumaa (jaahiliyyaa) fi gadaa dukkanaa jedhamuun beekkama ture. Burjaaja'iinsa gadaa ammaa ykn wallaalaa jaarraa digdamii tokkoffaa ammaa kanaafis furtuu furmaata beekkumsaa ta'uu kan danda'u Qur'aana qofa.

Dubbisa lamaan walitti makuun, qalama waa barreessu kana geengoo bololi'iinsaa fi jallinaa keessaa baasuun, dubbisa lammataatiin walitti hidhutu beekkumsa geengoo dhiphinaa san keessaa gara bal'inaatti namaa baasa.

﴿نٓۚ وَٱلۡقَلَمِ وَمَا يَسۡطُرُونَ ۝١ مَآ أَنتَ بِنِعۡمَةِ رَبِّكَ بِمَجۡنُونٖ ۝٢﴾ القلم: ١ - ٢

*[Qalamaa fi waan isaan ittiin waa barreessaniin kakadhe. Ati (yaa Muhammad) tola Rabbiin sitti ooleef maraataa hin taabe] (Qalam: 1-2).*

﴿عَلَّمَ ٱلۡقُرۡءَانَ ۝٢ خَلَقَ ٱلۡإِنسَٰنَ ۝٣ عَلَّمَهُ ٱلۡبَيَانَ ۝٤﴾ الرحمن: ٢ - ٤

*[Rabbiin Rahmaaniin ta'e (tola oolaa ta'e) ilma namaa Qur'aana isa barsiise. Ibsa waan hundaa isa barsiise] (Arrahmaan: 2-4).*

Wanti Rabbiin madaala uumee akka isa hin jallifne amaanaa namatti kenneef kanaafi.

﴿أَلَّا تَطۡغَوۡاْ فِي ٱلۡمِيزَانِ ۝٨ وَأَقِيمُواْ ٱلۡوَزۡنَ بِٱلۡقِسۡطِ وَلَا تُخۡسِرُواْ ٱلۡمِيزَانَ ۝٩﴾

الرحمن: ٨ - ٩ *[Madaala hin jallisinaa. Madaala haqaan dhaabaa. Madaala hin hir'isinaa] (Arrahmaan: 8-9).*

﴿وَٱللَّهُ أَخۡرَجَكُم مِّنۢ بُطُونِ أُمَّهَٰتِكُمۡ لَا تَعۡلَمُونَ شَيۡـٔٗا وَجَعَلَ لَكُمُ ٱلسَّمۡعَ وَٱلۡأَبۡصَٰرَ وَٱلۡأَفۡـِٔدَةَ لَعَلَّكُمۡ تَشۡكُرُونَ ۝٧٨﴾ النحل: ٧٨

*[Rabbitu haala isin waa takka hin beekneen garaa haadha keessanii keessaa isin baasee, akka isin isa galateeffattaniif dhageettii, argaa fi onnee isiniif godhe](Annahli: 78).*

Beekkumsa Rabbii qofa beekkumsa waa hundaatuu kan of keessatti hammatu**.**

﴿يَعۡلَمُ مَا بَيۡنَ أَيۡدِيهِمۡ وَمَا خَلۡفَهُمۡۖ وَلَا يُحِيطُونَ بِشَيۡءٖ مِّنۡ عِلۡمِهِۦٓ إِلَّا بِمَا شَآءَۚ وَسِعَ كُرۡسِيُّهُ
ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلۡأَرۡضَۖ وَلَا يَـُٔودُهُۥ حِفۡظُهُمَاۚ وَهُوَ ٱلۡعَلِيُّ ٱلۡعَظِيمُ ٢٥٥﴾ البقرة: ٢٥٥

*[ (Rabbiin) waan isaan dura jiruu fi isaan duubaan jiru hunda beeka. Namni kamiyyuu beekkumsa Rabbii kana irraa waan inni isaaf kenne malee homaa beekuu hin danda'u. Kursiin isaa samii fi dachii irra bal'atee jira. Isaan lamaan tiksuun isa hin dadhabsiisu. Inni ol ta'aa, guddaa ta'eedha.] (Al-Baqarah:255).*

Rabbiin waan isaan hin malle hunda irraa qulqullaaye, *beekkumsa waa hundaatuu qaba.*Ilmi namaa immoo, hedduun isaanii homaa hin beekan. Yoo beekanis beekkumsi isaanii akka Rabbi jedhe kana:

﴿ يَعۡلَمُونَ ظَٰهِرٗا مِّنَ ٱلۡحَيَوٰةِ ٱلدُّنۡيَا وَهُمۡ عَنِ ٱلۡأٓخِرَةِ هُمۡ غَٰفِلُونَ ٧﴾ الروم: ٧

*[Irra gubbaa jiruu addunyaa kana ni beeku. Garuu waa'ee guyyaa boodaa (aakiraa) irraa yaada hin qaban (dagattoota)] (Arruum: 7).*

Haala kanaan burjaaja'iinsa beekkumsa addunyaa ammaa kana keessaa bayuuf, furmaanni jiru adeemsa beekkumsa Qur'aanaa qofa. Muhammadiin booda nabiyyiin dhufu hin jiru. Qur'aanaan boodas kitaabni haarofni buufamu hin jiru.

﴿ وَلَوْ شِئْنَا لَبَعَثْنَا فِي كُلِّ قَرْيَةٍ نَّذِيرًا ﴿٥١﴾ فَلَا تُطِعِ الْكَافِرِينَ وَجَاهِدْهُم بِهِ
جِهَادًا كَبِيرًا ﴿٥٢﴾ ﴾ الفرقان: ٥١ - ٥٢

*[Osoo barbaannee ganda hunda keessatti namoota nama seeran (ergamtoota) ergina. Warroota Rabbiin dhugoomsuu didan (kuffaartot) tole hin jedhin, qabsoo guddaa isaan irratti qabsaayi] (Al-Furqaan: 51-52).*

Dubbisni lameen wahyii fi hawaa dubbisuu kun ajaja Rabbiin irraa dhufe waan ta'eef dubbisa lamaan kana walitti makanii dubbisuun dirqama nama hundaati. Yoo haala kanaan wal-maddii qabnee hin dubbifnu ta'e, qaawwatu uumama. Namni dubbisa jalqabaa dhiisee, guutumatti dubbisa lammafaa saayinsii hawaa ykn saayinsii Meetaafiiziksii qofa irratti fuulleffate hariiroo Rabbiin waliin qabu hunda dhabe, dhokata (*geeybaa*) wallaala. Falaasama dhiphaa hundeen isaa hanqinaan guutame kana ka'umsa godhachuun namaa fi uumama jiddutti tokkummaa uumuuf yaali taassisa.

Rabbii waan hunda uumee fi wanta ija namaa jalaa dhokate (*geeybaa*) hunda akka waan nama jalaa dhokata ykn meetaa fiiziksiitti fudhatu. Yoo humni dhokataan shaakallii waa uumuu taasise jiraates, humna dhiibbaa jalqabaatiin taasifamee booda humni sun isa dagatee, saniin booda hawaan bifa awutoomaatika ta'een gocha raawwataa fi kan gochi irratti raawwatame ta'ee argame jechutti amanu. Kunis ilaalcha Aristootilii fi Niwuten fa'a.

Namoonni falaasama akkanaa kanatti amanan Rabbii guddaa yeroo yaadachuuf shaakalan, tariitii isa yaadachuu danda'u. Garuu bifa addaa kan Rabbiin guddaan humna uumamaa keessa

seenee isa keessatti baqee kutaa uumama sanii ta’ee jira jechutti amanu. Kun immoo booda irratti gara wal-mormii jaalala qabeenyaa kan guutumatti Rabbi jiraachuu mormu keessa isaan naqe. Ilaalchi qabeenya qofatti amanuu kun kallattiilee hundaan guddina qabeenyaatti dhimma bayuun akka namni guutumatti uumama irratti of gatee, miira Rabbiin irraa of gayiinsaa fi of danda’uu akka isatti dhagayamu taassisa.

Wanti ilma namaa kanatti geese fuul-dura isaatti uumama malee homa takkayyuu waan hin argineefi. Isa biratti uumamni homa hunda, waan hunda duubaan isatu jira. Akka Rabbiin fedhii isaatiin uumama kana isaaf laaffisee akka injifachuu danda’u isa godhe hin beeku. Akka waan of danda’aa ykn waan isa jalaa dhokataa ta’eetti ilaala. Yeroo sanitti waan Rabbiin uumama kana isaaf laaffise hin se’u, isaa fi uumama kanas kan uume Rabbiin ta’uu hin beeku. Inumayyuu kan waa kalaqu, kan dandeettii heddu qabu, kan uumama waa heddu of keessatti hamate kana irratti ol’aantummaa qabuutti of ilaala.

Uumamni ykn hawaan guutuun kun ilma namaatiif kan laaffifameedha. Ilmi namaa immoo dandeettii mijaa’iinsa sammuu fi beekkumsaa kan hawaa kana laaffifachuuf isa garaaru qaba. Kunis akka ilmi namaa itti gaafatamummaa isatti kenname bayatuufi. Yeroo namni ceem’u ykn Rabbiin yaadachuu irraa duubatti jedhu, karaa qajeelluma wahyiitiin dandeettii Rabbii kan hin argine yoo ta’e miira Rabbiin irraa duroomuuttu isa mudata. Dandeettii waa kalaquu fi ciminatu itti dhagayama.

Kun immoo hariiroo inni hawaa waliin qabu hariiroo wal’aansoo, wal-dhiibbaa fi wal-cunqursaan guuttamte godha. Akka miseensonni uumamaa hariiroo michoomaa kan ilma

namaa waliin qaban san dhaban godha. Kun immoo hariiroon ilmi namaa uumama dachii kana dhaaluuf amaanaan itti kennamte ta'uu, uumamni hawaa immoo uumama ilma namaa kanaaf kan laaffifame sun akka dhabamu taassisa. Ilmi namaa fi uumamni hunduu uumama Rabbii fi gabroota isaa ta'uu keessatti waluma qixa. Rabbiin isinii fi waan isin beeytan hunda kan uumeedha.

Yeroo san argamni kun boca humna wal-dhiibuu fi walitti bu'iinsaa fudhata. Ilmi namaa kan silaa sammuu ittiin yaadu qabu immoo boca gooftaa waan addunyaa kana irra jiru hunda irratti ol'aantummaa qabuu fudhatee, ofiin boonee, gooftaa isaa fedhii lubbuu isaa godhatee, safuulee isaa uumama irraa kan fudhatu ta'a. Si'a kana ilmi namaa amantii isaas waan yeroo waa rakkate qaawwa wayii ittiin cufatu ykn fedhii isaa ittiin bayatu ykn tajaajila wayii ittiin raawwatu godhee fudhata. Wayta kana jechi Rabbii guddaa isa irratti dhugaa ta'a:

﴿ كَلَّآ إِنَّ ٱلۡإِنسَٰنَ لَيَطۡغَىٰٓ ٦ أَن رَّءَاهُ ٱسۡتَغۡنَىٰٓ ٧ ﴾ العلق: ٦ - ٧

*[Dhugumatti ilmi namaa yoo duroomuu isaa arge daangaa dabra] (Al-Alaq: 6-7).*

Yeroo kana jallataa fi cunqursaa ta'a. Sababa cubbuu namni harka ofiitiin dalageef jecha balaan naannoo, faalamni qilleensaa, badiin badhee, qilleensaa fi galaana hunda keessa faffaca'uun, madaalli hanqatee dhibeen karaa dhugaa irraa dabuu fi ummata irraa adda bayuu dachii hunda keessa faffaca'a. Dachiilee garii keessa beelli fi diigamiinsi heddummaatuun, dachii garii keessatti immoo gosoonni dhukkubaa fi yakka adda addaa hundi isii keessatti wal-gayuun jireenya dhiphaa akka jiraatan isaan dirqisiisa.

Kana irratti Rabbiin akkana jedha:

﴿ وَمَنْ أَعْرَضَ عَن ذِكْرِي فَإِنَّ لَهُۥ مَعِيشَةً ضَنكًا وَنَحْشُرُهُۥ يَوْمَ ٱلْقِيَٰمَةِ أَعْمَىٰ ﴿١٢٤﴾ ﴾
طه: ١٢٤

*[Namni yaadannoo kiyya irraa dugda gale, jireenya dhiphatu isaaf jira. Guyyaa dhumaa (qiyaamaa) immoo haala jaamaa ta'een isa kaafna] (Xaahaa: 124).*

Namoonni Rabbiin yaadachuu kana irraa ceem'aa godhatan wanti itti amanan rakkinni argame gibira uumamni nama kafalchiisuudha. Namoonni bu'aalee qaroomni argamsiise kanatti bashannanuu fedhan gatii kana dirqama kaffaluu qabu jechutti amanu.

Dubbisa lammataa kan argamaa fi uumama kanaaf bakkee kennuu dhabuun bifa argama irraa addaan citeen dubbisa wahyii qofa irratti hundaa'uun immoo jireenya addunyaa irraa dheessuu, isii fi waan isii keessa jirus tuffachutti nama geessa. Anniisaa namni ijaarsaa fi qaroomaaf qabu fashaleessa. Itti gaafatamummaa bakka bu'ummaa, amaanaa baadhachuu fi dachii misoomsuu akka inni hin bayanne godha. Akka inni uumama isaaf laaffifame kana irraa hin fayyadamne godha. Akkasumas xiinxala isaa dadhabsiisa, gatii hojii isaa jalaa salphisa. Inumayyuu hojii isaa jalaa balleessuun akka namni hojii hojjatu kamiyyuu keessatti waan hojjatu of hin seenee fi jireenya tana keessa jiraachuun isaatuu akka hiika hin qabneetti of ilaala. Ilaalchi kun hunduu adeemsa Qur'aana ulfaataa fi kabajamaa kan faallessuudha.

Dubbisa lammataa kan waa'ee uumamaatiif iddoo kennuu dhabanii bira kutuun ykn dubbisa isa jalqabaatiin walitti makuu dhiisuun dadhabinni namummaa fi qaroomaa fi dandeettiin

namaa fashalaayutti geessa. Akkasumas dhimmoota addunyaa nu jalaa dhokatanii fi addunyaa ijaan arginuu walitti laaqutti geessa. Namoonni dubbisa lammataa qofa irratti gabaabbatan, Rabbii guddaa olta'e waan isaan hin malle hunda irraa qulqulleessuuf gatiin hojii namni hojjatee gati-dhabeessa ta'uu qaba, fedhii fi filannoon namni qabu dhabamsiifamuu qaba jechutti amanu.

Jechamoota Islaamota durii fi kitaabota gareelee Islaamaa namni ilaale, dhimma hojii ilma namaa fi hojii Rabbii walitti laaquu keessatti, dhimma namni fedhii, filannoo, sababa waa argamsiisuu fi kkf qabaachuu irratti dubbii baay'ee nama raaju arga. Walitti laaqiinsi isaanii sun sirna beekkumsa Islaamummaa keessatti dukkanaa fi dhiphina guddaa uume.

Kanaafuu dubbisa wahyii fi dubbisa argamaa (uumamaa) walitti makuun akka namni rakkina dubbisa lamaan keessaa tokko qofa dubbisuutiif hin saaaxilamne wal-madditti dubbisuun dirqama. Wanti nuti 'beekkumsa Islaamessuu' jennee yaamnus dirqama beekkumsaa fi qaroomaa sadarkaa addunyaa Islaamaa qofatti jiru osoo hin taane, akka sadarkaa guutuu addunyaatti burjaaja'iinsa beekkumsa ammayyaa fi burjaaja'iinsa xiinxala addunyaa ammayyaa keessaa bayuuf kanuma irraa kan dhufeedha.

Qaroomni warra Dhihaa gama adeemsa xiinxalaatiin eega fiixa bayeen booda, qaroomaa fi beekkumsa isaaniitiif rakkina bociinsa adeemsaatu isaan mudate. Sirni Maarkisizimiin ka dhufeef boca adeemsaa kanaaf furmaata laachuuf yoo ta'u, osoo warri Dhihaa bakka bu'aa beekkumsaa fi adeemsaa hin argatin sababa kufiinsa tokkummaa Sooveetiitiin sirni Maarkisizimiis kufe. Kun immoo warri Dhihaa osoo falaasama biraa hin bocin,

osoo gaaffilee hedduu waa'ee dhuma addunyaa kan beektonni ammaa deebisuu diddaaf fuula irraa gargalfatan kanaaf osoo deebiin hin argamne akka hafu taasise.

Nu Muslimoonni fi Araboonni immoo burjaaja'iinsi keenya baay'ee cimaa fi ulfaataadha. Gama tokkoon akka namoonni gariin jedhanitti, hariiroon nuti addunyaa waliin qabnu hariiroo alaa qofa osoo hin taane, burjaaja'iinsa addunyaa keessatti hammatamnee jirra. Gama duula xiinxalaa, duudhaa fi dhaabbileetiin qaroomni Dhihaa nuufii addunyaa hunda irratti adeemsa isaa, hubannoo saayinsii isaa fi qayyabannaa argamaa fi wantoota hawaa keessa socho'aniif qabu nurratti fe'uu danda'ee jira. Akkasumas mul'ata seenaaf, beekkumsaaf, qaroomaaf, duudhaaf, duubatti hafiinsaa fi guddinaaf qabus hawaasa addunyaa hundarrattuu fe'uu danda'ee jira. Dhugaan beekkumsa Islaamessuu kan nuti burjaaja'iinsa beekkumsaa, xiinxalaa fi burjaaja'iinsa addunyaa keenyaatiif furmaata ta'a jennuun kun maali?

Beekkumsa Islaamessuun kan galma gayuun kitaaba lamaan dubbisuun, isaan lamaan walitti fiduun wal-guutiinsa isaa qorachuu fi adeemsa qorannoo fi qu'annoo isaas hubachuuni. Kitaabni jalqabaa: kitaaba wahyii kan qara'amu (dubbifamu) dha. Innis Qur'aana jechuu keenna. Kitaabni lammataa immoo kitaaba hawaa socho'uu kan wantoota addunyaa kana irra jiran of keessatti qabatuudha. Qur'aanni ulfaataa fi hawaan uumaa Rabbii kun walitti akeeka, gara seera isaatti nama geessa. Qur'aanni hawatti yoo nama gessu hawaanis Qur'aanatti nama geessa.

Isa kana kan nuti maqaa dubbisa lamaan walitti makuu jedhu itti baafne. Yeroo hawaa keessa waa'ee wahyii barbaannu

dubbisa dhokataa fakkaata. Waa'ee hawaa fi elamantiidhan isaa yoo wahyii keessa ilaallu immoo dhimma dhugaa sammuun namaa fudhattu argina. Wahyii dubbisuun (hubachuun) akka waan dimshaasha tokko irraa gara kutaa isaatti gadi bu'uuti. Kun immoo gara bir-qabaatiin dandeettii ilmi namaa waa qayyabachuuf qabuun wal-simata. Uumama dubbisuun (hubachuun) immoo akka kutaa wanta tokkoo irraa gara walii gala isaatti deemuuti. Kunis argama hubachuudhaaf dandeettii namni qabuun wal-simata. Kanaafuu addaan fageenyi namni jedhu sun odeeffannoolee wahyii fi bu'aalee beekkumsaa jiddutti hin argamu. Isuma kana keeyyanni Qur'aanaa kan jalqaba buufame kan suuraa *Alaq* keessatti dubbatame kan ibsu:

﴿ ٱقۡرَأۡ بِٱسۡمِ رَبِّكَ ٱلَّذِي خَلَقَ ۝١ خَلَقَ ٱلۡإِنسَٰنَ مِنۡ عَلَقٍ ۝٢ ٱقۡرَأۡ وَرَبُّكَ ٱلۡأَكۡرَمُ ۝٣ ٱلَّذِي عَلَّمَ بِٱلۡقَلَمِ
۝٤ عَلَّمَ ٱلۡإِنسَٰنَ مَا لَمۡ يَعۡلَمۡ ۝٥ ﴾ العلق: ١ – ٥

*[Maqaa Rabbii si uumeetiin dubbisi. (Rabbii) ilma namaa dhiiga ititaa irraa uume. Rabbiin kee arjaadha dubbisi. Kan qalamaan (waa barreessuu nama) barsiise. Kan ilma namaa waan inni hin beekne barsiise] (A-Alaq: 1-5).*

Bifa baay'ee gabaabaa ta'een dubbisa lamaan jechuun isuma kana. Yoo dubbisa lamaan addaan baasuun argame immoo, adeemsi beekkumsa dhala namaa rakkinoota ciccimoo lamatti nama geessa: namoonni dubbisa waan nama jalaa dhokatee qofa irratti cichan, kan dubbisa jalqabaa kan wahyii qofa irratti fuulleffatan dhimma gama waan sammuun fudhattuu fi qabiyyee isaa hirreegaan ala godhuu mul'isa. Kun immoo amantii Islaamaa gara waa'ema amantii qofa barsiisuu fi namummaa fi hawaan ala nama godhuutti jijjiiruudha.

Akkasumas sababoota, seerota sosochii wantootaa fi seerota hawaasummaa, seenaa fi diinagdee kan namni dhimmma itti bayatu hunda akka hin jiraanne godha. Haala kanaan namoonni dubbisa kana qofa qabatan xiinxala gogaa bakkaa hin sochoone kan hanqinaa fi gabaabina qabutti isaan geessa. Kun immoo tariitii amantii irratti dogongora maxxansuu ta'a.

Namoonni dubbisa hawaa qofa irratti gabaabachuun dubbisa lammaffaa qofa irratti fuuleffatan immoo humna nama jalaa dhokatee jiru kan argamaa fi uumama kana sosochoosu waakkatu. Waakkannaan kun immoo suuta suutaan beekkumsa irratti gara xiinxala namaan bocame kan qindoomina qaroomaa irratti hanqina fidutti dabutii isaan geesse.

Bifa kanaan dhalli namaa jidduu ilaalcha dhimma amantii qofa irratti fuulleffachuu fi ilaalcha wallaalaa Rabbi hin jiru jedhee waakkachuu jiduutti addaan qoqqoodamee, gargar ciccitee wal'aansoo wal irratti gaggeessuu qofa ta'e. Garuu keeyyanni jalqaba buufamte tan *suuraa Alaq* keessa jirtu waan ija namaa jalaa dhokate (geeybaa) irraa bifa barnoota amantii qofa irratti fuulleffachuu kana irraa dhabamsiisti. Sunis dubbisa lammaffaa qalamaatiin walitti hidhuu; akkasumas dubbisa lammaffaa kanas seera namaan bocame qofa irratti fuulleffachuu irraa dhoorguun dubbisa jalqabaa waliin walitti hidha.

Ammas wanti keeyyanni sun cimsitee raggaasiftu, haala lameenii fi dubbisa lamaanuu keessatti dubbisaan ilma namaa kan wahyi waan hunda of keessatti hammatetti amaneedha. Wahyiin kunis akkaataa argama hawaa kanaa fi haala sirna sosochii isaas ibsa. Haala kanaan ilma namaa irraa namummaa isaa (fedhii,

filannoo fi dandeettii waa raawwachuu isaa) irraa hin fudhatu, jiddu galeessummaa isaa hin qeequ, ga'ee isaas bira hin dabru.

Dubbisa lamaan addaan baasuun kun akka ilmi namaa imaammata barnoota, sirna baruu fi barsiisuu, saayinsii hawaa fi amantii isaa keessatti addaan bayiinsi guddaan akka jiraatu godhee jira. Ummatoota ammayyaa ammaa keessaa ummanni hanga ammaatti akka barataan isaa jidduu beekkumsa (saayinsii) lamaanii walitti qabatu godhe hin jiru. Sababaan kanaas akka sadarkaa addunyaatti imaammanni barnoota warra Dhihaa kan saayinsii lamaan addaan fageessu addunyaa waan handhuurfateefi.

Sababa imaammata Dhihaa saayinsii lamaan addaan baasuu kanaaf barataan waa'ee wahyii barachuu fedhu faakaaltii/muummee barnoota amantii seena. Barataan saayinsii hawaa barachuu fedhu immoo muummee saayinsiiwwan shaakallii seena. Isa kana kan biyyoota Dhihaa keessatti arginu. Nu Muslimoota biratti immoo muummee Shari'aa fi barnoota da'awaa, muummeewwan barnoota Hadiisaa fi Usuula diinii, muummeewwan saayinsii hawaasummaa fi namummaa, muummeewwan saayinsii uumamaa gara garatti addaan baafnee ilaalla.

Dubbisa lamaan kana addaan baasuun rakkina biraas of keessaa qaba. Innis: jidduu barnoota Shari'aa, saayinsiiwwan namoomaa fi hawaasummaa addaan baasuu isaati. Kunis imaammanni barnootaa namaan bocamanii kun hariiroo saayinsiiwwan namummaa fi hawaasummaa waliin qaban cimsanii fooyyessanii bifa dubbisa lammataa qofa waliin wal

gituu danda'uun bocanii baasan. Kun immoo dhiibbaa barnoonni Shari'aa qabu fi qajeelluma wahyii irraa akka fageessan godhe.

Gama biraatiin namoonni barnoota shari'aa baratanis, jidduun gosa barnoota isaanii fi barnoota hawaasni bal'aan baratee waan hedduu addaan fagaatee jiruuf, hawaasa jijjiiramaa haalli qindoomina isaanii baay'ee xaxaa ta'e kana irratti dandeettii isaan irratti jijjiirama fiduu dhabanii jiru. Kun immoo hariiroon jidduu barnoota wahyii fi saayinsiiwwan hawaasummaa fi namummaa jidduu jiru cimaa ta'uu mul'isa.

Muummeewwan biraas kanneen isa keessatti jidduu dubbisa lamaanii walitti makuun dirqama ta'e heddutu jira. San keessaa: saayinsii xiin sammuu, saayinsii duudhaa namaa, qindoomina qaroomaa fi kan biroos hedduudha. Kanaafuu duudhaa Muslima ammayyaa kan duudhaa warra Dhihaa jidduu barnoota amantii fi hawaa addaan fageessee walitti bu'iinsa fidee san irraa adda ta'e uumuuf, dubbisa lamaan walitti makuun dirqama.

Rakkinni Rog-lameen (barnoota amantii fi barnoota hawaa) fidaa jiru cimaa waan ta'eef, yoo addaan fagaatanii hafan ta'e, yeroo ilaalchi walii galaa kan hawaa, jireenyaa fi namaa guutumatti dhabamee safuun ilma namaa fi amalli isaa Rabbii waan isaan hin male irraa qulqullaayeen walitti hidhame dhiise, gosoota qindeeffama qarooma garii gara kallattii sirna namaan bocamee kanatti dabuu eegalu. Yeroo kana hirreega safuu fi amala gaarii irratti eenyummaa namaa gar-malee ol kaasuun dhufa. Bu'aa guddaa amantiin fide keessaa tokko amala gaarii horachuudha.

Bifa bira dabarsaa ta'een eenyummaa nama tokkoo gar malee ol kaasuun sun walitti bu'iinsa sabaa fi hawaasaatiif tooftaa

seer-qabeessummaa kennuuf ta’ee jira. Bifuma wal-fakkaatuun eenyummaa Lebiraalizimiis gar-malee dhaadhessuun argamee jira. Haala kanaan nagaya safuun namaaf fidu dhabnee wal – irratti qabsaayuun gar-malee akka babal’ataa dhufu goonee jirra.

Kuni hunduu kan ta’eef, ilmi namaa waan hunda irraa of danda’ee jira, Rabbii na uume irraayis duroomee jira jedhee waan of ilaaluufi. Namni Rabbiin irraa duroome dachii keessatti jallatee daangaa dabra, nama safuu fi amala gaarii horachutti isa yaamu arraba itti dheerata. Kanaafi wanti keeyyanni dubbisa lamaan walitti qabutti yaamtu tan *suuraa Alaq* keessaa sunwanti isiin burjaaja’iinsa daangaa dabruu fi sababa guddina saayinsiitiin qarooma baay’ee guddate kanaan boonuu isaanii wanti dubbateef.

﴿ كَلَّآ إِنَّ ٱلۡإِنسَٰنَ لَيَطۡغَىٰٓ ٦ أَن رَّءَاهُ ٱسۡتَغۡنَىٰٓ ٧ إِنَّ إِلَىٰ رَبِّكَ ٱلرُّجۡعَىٰٓ ٨ ﴾ العلق: ٦ - ٨

*[Dhugamatti ilmi namaa yoo duroomee arge daangaa dabra. Deebiin kee gara Rabbiititti] (Al-Alaq: 6-8).*

Dhimmi dubbisa lamaan walitti makuu dhimma beekkumsaa keessatti waa’ee adeemsaati. Bu’aan isaas bu’aa qaroomaati. Namni dubbisa lamaan walitti qabate, yeroo hundaa Rabbii ol ta’aa waan isaan hin malle irraa qulqullaayetti hajamuu isaa waan beekuuf, Rabbiin irraa hin duroomu. Irree namatti hin laallatu, dachii kana irratti daangaa dabree, nama irratti ol ta’ee badii dalaguu hin barbaadu.

### Akkaataa Dubbisa Lamaan Itti Walitti Makan:

Dubbisa lamaan walitti makuuf sonni jalqabaa, hariiroo adeemsaa kan sirreessaa adeemsa keeyyatoota Qur’aanaa fi jidduu seerotaa fi heerota sosochii argamaa (uumamaa) jidduu jiru qoratanii irra gayuu irraa eegala. Qur’aanni wahyii Rabbiin

irraa dhufe waan ta'eef, isaan waa'ee argama kanaa beekna, isaan hubanna. Qur'aanni kan waa hunda of keessatti hammatuu fi dimshaashawaa waan ta'eefi, akkuma beekkumsi nuti dubbisa lamaaniif qabnu babal'ataa deemuun, gahumsi dubbisa lamaan walitti makuu fi wal-keessa seeniinsa adeemsaa jidduu wahyii fi hawaa jiru hubatuun keenyas cimaa dhufa.

Adeemsi Qur'aanaa adeemsa argamaa (uumamaa)ti. Wanti barbaadamu immoo yaada kana bifa haasayaatiin qofa ibsuu osoo hin taane, qu'annoo gahaa adeemsifnee gara hojiitti hiikuudha.Wanti jechaan bifa ilaalachaa qofaan ibsamu yaada sirrii ykn dogongoraa ta'uu danda'a. Kanaafuu, morki cimaa fi irra guddaanMuslimoota ammaa mudatu wal-keessa seeniinsa adeemsaa kan gama dubbisa lamaan wahyii Rabbiin irraa buufamee fi saayinsiiwwan uumamaa fi namummaa kan seera Rabbiin hawaa, jireenyaa fi ilma namaa irratti uume irratti bu'uureffameedha.

Guddina Qur'aanaa irraa yoo haasofne, Qur'aanni dhugumaan kabajamaadha, dadhabsiisaadha. Namoonni hedduun waa'ee guddinaa fi dadhabsiisa isaa irratti fuula kumaatamaa fi miliyoona hedduun lakkaayaman barreessanii jiru. Garuu barruuleen sun hunduu adeemsi Qur'aanaa, hawaa fi akkaataa sirna sochii isaa hunda kan of keessatti qabatee fi bu'uura qajeelumaa fi amantii dhugaa irratti seerota kana gadi dhaabuun akka danda'amu namaaf ibsuu hin dandeenye. Akkasumas wal-keessa seeniinsa jidduu adeemsa dubbisa Qur'aanaa fi hawaa jirus namaaf ibsuu hin dandeenye.

Keeyyatoonni Qur'aana kabajamaa hedduu fi jechamoonni amantii baay'een hiikkaa adda addaatif saaxilamanii jiru.

Hiikkaalee hedduu san keessaa hiikkaan kitaaba Israa'iilotaa fi kan biroo ifatti mul'atu. Bifuma kanaan beekkumsa namummaa fi hawaasummaa ammayyaa, akkasumas saayinsiiwwan uumamaa ammayyaa keessattis wantoota dhokatan hedduu fi gaaffileen baay'een nama dhamaasan kanneen manneen barnoota saayinsiiwwan sanii irraa deebii gahaa hin argatin heddutu jiru. Sababni isaas manneen barnoota saayinsiiwwan sanii wal-keessa seeniinsa adeemsi dubbisa lamaanii sun qabu kutaa muraasa keessaa filatamee dhiyaate kan sunuu dharri itti makameen alatti waan irra hin gayiniifi[2].

---

[2] - Beekkumsa Islaamessuun dubbisa lamaan walitti makuu irratti hundeeffame yoo jennu garaagarummaa guddatu jira.Beekkumsa Islaamessuun wahyii madda beekkumsaa godhatee hawaa ittiin dubbisee, sirna sosochii fi heera hawaa wahyii qayyabachuuf itti fayyadama. Geengoon dubbisa lamaan walitti makuu utubaa beekkumsa Islaamessuuti, sona seera isaati. Beekkumsa Islaamessuun yaada dadhabsiisa saayinsii jedhuun wal-dhaba. Beekkumsa Islaamessuun dhimma adeemsaa ka'umsa isaa Qur'aana kabajamaa godhatee gara saayinsii fi beekkumsa hubannaaf kan deemu yoo ta'u; dadhabsiisni saayinsii immoo hiikkaa muraasa irratti fuulleffatee, saayinsii fi Qur'aana wal-simsiisuun ragaalee saayinsii kan waa'ee keeyyatoota Qur'aana keessatti dubbataman sirrii ta'uu isaa ummataaf ittiin mirkaneessuu irratti kan fuulleffateedha.Yaaliin kun bu'aa hedduu qabaatus, yaalii ka'umsi isaa saayinsii ta'ee gara Qur'aanaatti xiyyeeffateedha malee ka'umsa isaa Qur'aana irraa gara saayinsiitti hin goone.

Dhimmi dadhabsiisa saayinsii irratti qorannoo gaggeessuus boca seeraa hin eegganne. Akkaataan raawwii qorannoo sanii gocha namni dhuunfaa keeyyatuma fedhe keessaa filatee saayinsii waliin wal-bira qabuudha. Kuni waan tokko, kallattiin adeemsi beekkumsi

Wanti nuti yeroo hedduu dubbisa lamaan walitti dabaluu qabna, sadarkaa biyyaa fi addunyaattis burjaaja'iinsa xiinxalaa fi beekkumsaa keessaa bayuuf seera bu'uuraati wanti nuti jenneef, adeemsa dubbisa lamaan wahyii fi hawaa walitti hidhuun baay'ee barbaachisaa ta'uu isaa akka namni hubatuufi. Kunis akka marsaan mul'ata Islaamummaa guuttamee, utubaaleen isaa hundi mul'atee, hariiroon wanti ija namaa jalaa dhokate (geeybaan) uumamaa fi nama waliin qabu ifatti bayee, ilmi namaa cubbuu dhimmoota duniyaa fi aakiraa ykn jidduu wahyii Rabbiin irraa bu'ee fi seera namaan tumamee addaan baasuu fi rakkinoota isaan fidan irraa akka baraaramuufi.

Itti gaafatamummaa kana namni bayachuu danda'u, nama Qur'aana baratee beekkumsa saayinsii gahaa qabaatee hariiroo jidduu adeemsa Qur'aanaa fi jidduu hawaaf namaa jiru qu'atee argate qofa. Kanaafuu seeronni Islaamaa utubaalee armaan gadii kana irratti utubamu:

**1-** Mul'ata beekkumsa Islaamummaa kan utubaalee fi bu'uurota addaa Islaamummaa isa sirrii ta'e irratti hundaa'e irra deebisanii ijaaruu. Kunis sirna beekkumsa Islaamummaa kan gaaffilee dhumaa hundaaf osoo homa takka bira hin kunne deebii deebisuu danda'u ifa godhuufi. Akkasumas gamaaggamiinsa beekkumsaa kan bifa adeemsa seer-qabeessa ta'een waa hubachuu fi bira kutuu nama dandeessisu ijaaruufi. Adeemsi

---

Islaamessuu qabate waan biraati.Kanaafuu, garaagarummaa guddaa jidduu fuulleffannaa adeemsa beekkumsa Islaamessuu fi kallattii dadhabsiisa saayinsiin kan jechoonni amantii Islaamaa fi keeyyatoonni isaa saayinsiidhaan wal-simata moo wal-dhiiba jedhu irratti fuulleffata jedhu jidduu akka jiru mirkaneessuudha.

kunis beekkumsa adeemsa eeggate uumuufis nama gargaara. Hiikkaa beekkumsaa jechuun kan namatti himuu fi nama amansiisuu irratti hundaa'e osoo hin taane kan guutumatti adeemsa beekkumsaa eeggateedha.

**2-** Seera adeemsa Islaamaa bifa adeemsa beekkumsa Qur'aanaa fi qajeelluma isaa eeggateen irra deebi'anii sakatta'uu, bocuu fi ijaaruu.

Sababa dubbisa kophaa fi addaan qoqqoodiinsaa kan Qur'aana bakka heddutti addaan qooduutiif jecha, adeemsa kana irra rakkinoonni hedduun gayee jira. Gadaa durii fi ammaa keessattis bifa adeemsa kana irraa adda bayaa ta'een waa'een argamaa fi dhala namaas hubatamaa ture. Kanaafuu sammuun Muslimaa dhibeewwan xiinxalaa kan si'aa'ina isaa gufachiisan kan akka: hariiroo jidduu waan ija namaa jalaa dhokatee fi waan mul'atu jidduu jiru hubachuu dadhabuu, hariiroo sammuu fi waan naqlii godhamee, hariiroo sababa nama irraa eeggamu godhuun waan sababa dhiyeessaniif san waliin qabuu fi kaanneen biroo bira kutuu qaba.

**3-** Gama mul'ata adeemsa kanaatiin adeemsa Qur'aana waliin ittiin jiraatan ijaaruu qabna. Qur'aana madda seeraa fi heeraa, beekkumsaa fi utubaa qaroomaa fi ijaarsaa goonee fudhachuu qabna. Kana godhuun immoo saayinsiiwwan Qur'aanaa dhimma kanaaf barbaachisan irra deebinee bocuu fi ijaaruu barbaachisuun isaa ni mala. Akkasumas gosoota beekkumsaa kanneen keeyyatoota Qur'aanaa tajaajiluu keessatti gahee isaanii xumuratan hedduu bira kutuu gaafata.

Warri Dhihaa Qur'aana kana bifa bocama isaa kan yeroo jalqabaa, kan jalqaba irratti salphaa ta'e, kan hawaasummaa fi

xiinxala keessatti gama dandeettii afaanii fi akkaataa odeeffannoolee itti sassaabatan kan karaan inni walitti qabameen sirrii ta'uu fi wanti nama irraa fuudhame sunis bifa irratti walii galamaa ta'e gamaaggamuu san qofa irratti gabaabatan. Tooftaaleen kunis gadaa san keessatti odeeffannoo galmeessuu irratti beekkumsa ol'aanaa jedhamee fudhatama ture.

Yeroo bifa idileetiin saayinsiiwwanii fi beekkumsa Islaamaa kanneen keeyyatoota Qur'aanaa fi Hadiisaa irratti qophaayan galmeessuun eegale, amallan kunniin mul'achuu eegalan. Kana moggattis beekkumsi sirritti afaan dubbachuu danda'uu (*balaagaa*) fi Afaan Arabaa beekuu fi wantoonni guutamuun dirqama ta'an kan akka himootaa fi akkaataa galumsa isaa addaan qoqqooduun jechootaafis xiyyeeffannoo kennuu kun yeroo sanitti adeemsa baay'ee faffaca'ee mul'ataa tureedha. Kanaafi wanti hubannoon yeroo sanitti argame gadaa saniif fudhatamaa fi gahaadha jedhamee wanti fudhatameef.

Sadarkaa addunyaa ammaatti immoo, sammuun adeemsa dhimmootaa beekuu fi hariiroo adeemsa san gamaaggamuu irratti qu'annoolee godhuun baay'inaan waan mul'atuuf, barruulee fi seerota beekkumsa adda addaatu jiraata. Isas dhimmoota qaroomaa kan dameelee heddutti addaan babbayee fi hariiroo hedduu qabuun walitti hidhata akka qabaatu taasisa. Kanaafuu saayinsiiwwan akkaataa keeyyatoota itti qabatanii fi isa itti tajaajilanii irratti irra deebinee ilaaluun dirqama. Akkasumas dubbisa walitti makaa fi wal-keessa seeniinsa adeemsaas beekuun gosoota hiikkaalee gara garaa kan gadaa saniin walitti hidhata qaban, hidhata rageessa birqabaa, kan oduulee Israa'ilootaa fi kan biroo, akkasumas hidhata guutuu buufama keeyyatootaa fi

waa'ee inni buufameef waliin wal-qabatan irra deebinee ilaaluu qabna.

Kallattiiwwan morkachiisaan Qur'aanni ulfaataan qabu akka mul'atuuf jecha, kallattiiwwan dadhabsiisa isaa kanatti gamni hawaasummaa fi adeemsaas itti dabalamuun morkannaan isaa bifa itti fufiinsa qabuun mirkanaayee dadhabsiisni inni qabus akka ragaa adeemsaa isa jalqabaa kan homtuu isa hin injifanneetti ifatti mul'atuu qaba.

***4-*** Adeemsa sunnaa Nabiyyii walii itti jiraannus mul'ata adeemsa kanaa irraa kaanee ijaaruu qabna. Akkasumas sunnaa qulqulluu kana bu'uura ibsa adeemsaa, seeraa fi beekkumsaa akkasumas akka utubaa qaroomaa fi ijaarsaatti fudhachuu qabna. Gadaan nabiyyii fi Sahaabotaa gadaa kallattiidhaan ergamaa Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irra haa jiraatuu)* waliin hidhata qaban, waan isaan jedhanii fi dalagan keessatti isaan hordofanii fi isaanitti hidhataniidha: *"Akka anaa salaatu argitanitti salaataa!", "Akkaataa sunnaalee* (adeemsa) *raawwii hajjii fi umraa keessan narraa fudhaa!" jedhan.*

Hordoffii fi akkeeffannaan akkaataa sochii hojii ergamaa Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irra haa jiraatuu)* irratti kan hundaa'eedha. Ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irra haa jiraatuu)* amala isaaniitiin Qur'aana hojiin lafa irratti mul'isu, akkaataa jireenyaa fi keeyyatas walitti hidhu. Akkaataan hojii irra oolchuu nabiyyii fi ibsi isaanii qabiyyee adeemsa Qur'aana Rabbiin irraa bu'ee fi dhugaa battalaa jidduu jiru kan akka sammuu fi dandeettii xiinxala warri sun hubataniitti addaan fagaatee ture kan akka beekkumsa yeroo saniiti babal'atee

jiruutti, bifa dhugaa battalaa kan hawaasummaa fi xiinxalaa yeroo saniitiin addaan fageenya san walitti dhiphisee jira.

Sababa kanaaf, sahaabonni jireenya ergamaa Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irra haa jiraatuu)* irraa kutaan kamiyyuu akka isaan hin dabareef sirritti itti futunu. Akkaataan adeemsa dhimmoota adda addaa ittiin hubatanii sirreeffatan isa qofa waan ta'eef. Kanaafuu sunnaan nabiyyii jechoota, gochootaa fi yaaddan ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irra haa jiraatuu)* raggaasisan hunda kan of keessatti hammateedha.

Sababa sahaabonni akkasitti duuka bu'anii hordofaniif, tokkoo tokkoo haala jireenya ergamaa Rabbii kan akka haala sosochii isaanii kan guyyaa halkanii, kan yeroo waraanaa fi nagayaa, kan yeroo waa barsiisanii fi murteessanii, kan yeroo waa hooggananii fi fatwaa kennanii hunda akka beekuu dandeennuuf kan nu gargaare. Akkasumas akka ergamaatti osoo hin taane akka ilma namaa kamiittuu shaakalliiwwan isaanii akkamitti dhugaa battalaa waliin jiraachuu akka qabnu fi kanattis dabalee haala addaa kan isaan keessa sosocha'anis nuuf ibsa. Haalli isaan keessa sosocha'an sun immoo haala nuti amma keessa jiruun akka waldhabu shakkii hin qabu.

Ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irra haa jiraatuu)* sunnaa isaanii keessatti riqicha adeemsa Qur'aanaa fi dhugaa battalaa walitti hidhuudha. Kanaafuu haala battalaa yeroo san isaan keessa sosocha'aa turan irraa adda baafnee dhimmoota hedduu hubachuun baay'ee ulfaata. Ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irra haa jiraatuu)* yeroo suuraa fi fakkii bocuu irraa nama dhoorganii warra suuraa kaasu guyyaa qiyaamaa warra ibidda keessatti gar-malee gubatan jedhanii yeroo

dubbatan, dhoorgaan isaanii sun guutumatti boca babbareedaa irraa nama dhoorguudha jennee hubachuu hin qabnu.

Akkasitti hubachuun keenya hubannaa nabiyyii Rabbii Suleeymaan kan Jinnii leenjisee boca inni barbaadu akka isaaf bocan ajajuu san faallessa. Akkasumas gaaffilee fi mormii namoonni ammaa boca kana gabbaruufii miti nuti kan suuraa kaafnuuf, maaliif suuraa kaasuun dhoorgaa ta'e? jedhan irratti furmaanni fatwaa gar-tokkee gosa suuraa kanaa hayyamee isa kaan dhoorguu osoo hin taane, ijjannoolee ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irra haa jiraatuu)* yeroo adda addaa keessatti itti fayyadaman ilaaluu qabna.

Ergamaan Rabbii namoota taabota bocanii fi isa dhaadhessan gosoota reef amantii Islaamaa fudhataa jiran keessaa hundeen dhabamsiisuufi. Kanaafuu adeemsa dhimmoota kanniin seer-qabeessa godhu, kan dhimmoota kanniin bifa beekkumsaan guutameen dubbisee hubatu, kan hadiisota ergamaa Rabbii gar-tokkee muraasa qofa keessatti ukkaamsuun namoonni ofii wal-dhabbii qaban gara kutaaleetti cicciranii akka jechoota imaamota mazhaba gara garaa qabanii irraa gara geengoo adeemsaatti baasu qabaachuu qabna.

Gadaa Qur'aanni keessa buufametti ummanni Arabaa ilaalcha hordoffii fi nama jala masakamuutiin hidhata waan qabaniif, ergamaa Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irra haa jiraatuu)* akka fakkeenya itti hidhataniitti fudhatanii adeemsa nabiyyii akka haala jireenya yeroo isaanii saniin maluun irraa fudhatan. Jala deemuu fi itti hidhachuu kana keessa ilaalchi *ma'asuuraa* fi *manquu* jedhamu dhalate. Adeemsa gar-tokkee san xocheessuu fi waan *ma'asuura* ta'e tokko tokkoon duuka bu'uu

san xinneessuuf jecha, namoonni gariin gara hiikkaa dhokataa, hiika irraa fi hiika akeekkiitti daban.

Garuu akkas godhuun isaanii inumayyuu rakkoo caaalu fide. Saniin booda rakkinoonni sunnaan guutummaanuu ragaadha moo garii isaa qofatu akka ragaatti oola kan jedhuu fi rakkinoonni biroos kan hanga ammaatti ummata rakkisan uumaman. Osoo adeemsa Qur'aanaa kan akkaataa sunnaa waliin jiraachuu itti qabnu bifa gadi bu'iinsa qabuu fi gar-tokkeetiinis nuuf ibsu san irra gayamee, silaa geengoo adeemsaa keessaa osoo hin baane dhimmoota sunnaa gar-tokkeenis gama ergaa fi galama gayamuuf yaadamee san irraa ka'uun ni hubanna ture.

Sammuun ammayyaa, sammuu bifa itti fufiinsa qabuun wantoota dhimma namaa seer-qabeessa godhan qorattuudha. Akkasumas adeemsa kallattiin isaa guutametti hulluuquuf kan yaaltuudha. Adeemsa kana keessatti gamaaggamiinsi, waa addaan baasanii ilaaluun, waa mormuu fi hiikkaa itti kennuun, akka sosochii xiinxalaatti geengoo keeyyatoota dhimmoota naannoo fi hawaa ibsan waliin akkaataa ittiin jiraataniidha.

Adeemsa kana hordofuun gara kaayyolee Qur'aana kabajamaatti cee'uun, sunnaa nabiyyiis hubachuun ni danda'ama. Kunis osoo geengoo durii gogaa hin sochoone/hin jijjiiramnetti hin fayyadamne, ykn hiikkaalee dhokataa keessa osoo hin galle ykn yaaliiwwan haaroomsuu kanneen hojiiwwan dur dalagamanii dabran bifa biraatiin sirreessanii yeroo ammaatti irra deebi'anii oomishuuf tattaaffii godhan keessa osoo hin galle adeemsa sirrii sanitti deebi'uun ni danda'ama.

**5-** Duudhaalee Islaamummaa keenya irra deebinee ijaaruun qayyabachuu qabna. Akkasumas duudhaa kanas dubbisa

gamaaggamiinsaa fi mormii beekkumsaan guutame qabu irratti taassisuun, bifa geengolee sadan yeroo ammaa akkaataa duudhatti fayyadamnu irratti nu dirqu keessaa baanuun hubachuu qabna. Geengoleen kunis: geengoo guutumatti fudhachuu diduu, geengoo guutumatti fudhachuu fi bifa adeemsa hin eeggatiniin wantoota garii keessaa filachuuti. Geengoleen sadan kunniin hambaalee kana keessaa waan itti gayuun malutti nama hin geessitu. Akkasumas hambaalee kana keessaa waan of irraa kutuun malu nama irraa hin kuttu.

**6-** Akkaataa Qarooma nama Ammayyaa (warra Dhihaa) waliin itti jiraachuu qabnu irratti adeemsa ijaarachuu. Adeemsi ijaarru kunis kan sammuu Muslimootaa yaaliiwwan waa walitti dhiyeessuu, booda walitti madaaluu booda walitti fiduu fi wal-mormisiisuu kan diddaa guutumattii ykn fudhannaa guutumattii ykn filannoo adeemsa hin eeggatinitti nama geessu keessaa baasuudha. Tarkaanfileen ykn dhimmoonni bu’uuraa ykn kallattiileen jahan kunniin isa maqaa ‘Beekkumsa Islaamessuu’ ykn ‘Adeemsa beekkumsa toowhidaa’ ykn ‘Saayinsiiwwan hawaasummaa fi namummaa Islaamessuu’ ykn ‘Saayinsiiwwan uumamaa kallattii Islaamawaa qabsiisuu’ ykn ‘Rogeessa Islaamummaan saayinsiif qabu’ jennee kan itti moggaafneedha.

Nuti yeroo jalqabaatiif addunyaa beekkumsa, saayinsiiwwanii fi argannoolee fi abuurraalee saayinsii bifa hariiroo jidduu Rabbii, hawaa fi namaa jiru addaan kutuun itti fayyadaman keessa jirra. Sunis argama kana irratti ilaalcha wayii kan gariin isaa ilaalcha keenna kan Islaamaa faallessu kaayuuni. Ilaalchi sun kan faallessu ykn hin faallessines ta’uu danda’a. Dhimmi jechoota amantii keenna keessaa kan mul’ata san waliin

deemu keessaa filachuun, kana duruu ni qabna jechuu ykn dinnee of irraa dhiibuu miti. Ka'umsi keenna bu'uuruma irraayyuu saayinsii hawaatiif ilaalcha barnoota amantii qofaa miti. Namoota biraa akkeeffachuunis nurraa hin eeggamu.

Muuxannoowwan warri Dhihaa saayinsii mudachuuf qaban muuxannoowwan keennaan wal-dhaba. Qur'aanni waa'ema amantii qofa ka barsiisu osoo ta'ee, silaa dubbisa kallattii tokkoo (dubbisa jalqaa) malee hin hayyamu ture. Nuti immoo faallaa saniitti ajajamne. Nuti saayinsii waliin wal'aansoo hin goonu. Sababni isaas hawaa ilaalchisee wanti wahyiin of keessaa qabu isuma waa'ee hawaa uumama keessa jiruu saniin tokko waan ta'eefi. Jarri lameenuu tooftaa fi adeemsa dubbisa mataa isaanii qabu.

Yoo ilaalchi sirrii hin ta'in kan saayinsitti irkifamu mul'ate, wanti barbaadamu saayinsii waan argame san irraa qulqulleessuudha. Yoo hiikkaa wahyii keessatti ergaa isaa dabsuun argame, keeyyata san hanqina kana irraa tiiysuun dirqama. Isa kana bu'uurri dubbisa lamaan walitti fidu. Amantiin keenya kanaan dura yaada sammuu kan namaan bocame malee saayinsii shaakallii ammayyaa kan gareelee amantii yaada durii san bira kutanitti nama geessan irraa hubannoo hin qabu yoo ta'e, wanti nurraa eeggamu akkuma ajajamne saayinsii gareelee san irraa qulqulleessuun, bifa haarayaan irra deebinee saayinsiiwwan keeyyatoota waan itti dabalame ykn irraa hir'ate irraa qulqulleessan filachuun, akka dubbisni gadi dhaabatee, mijaa'iinsi dubbisa lamaan walitti makuu akka fiixa bayu godhuu qabna.

### Dhimmichi Dhimma Qur'aanawaa fi Addunyaawaadha

Dhimmi beekkumsa Islaamessuu kun dhimma addunyaa guutuu yaaddessuu qabu. Namoonni gariin dhala namaa muraasaa fi teessuma lafaa muraasaan qofa wal-qabata jedhanis, nuti yeroo ammaa kana kutaa addunyaa waliin sosocha'uudha. Sosochiin nuti addunyaa waliin har'a goonu duula duudhaa kan jarraalee 18ffaa fi 19ffaa keessatti babal'inaan mul'ataa ture san osoo hin taane, duulli keenya gama saayinsii shaakallii hojiin mul'ifamuutiin ta'uu qaba. Kunis waan hunda Islaamessuu keessatti qabsoo akka kabajamtoonni warri nu duraa duula duudhaa fi xiinxalaa warraaqsa Faransaayotaa waliin balbala nutti rukutaa ture nurraa deebisuuf taasisan caalaa qabsoo nu barbaachisa.

Duulli duudhaa kan gadaa abbootii keenyaa ture sun duula sammuu irratti gaggeeffamu kan dandeettiin isaas baay'ee murtaa'aa ta'eedha. Duulli ammaa immoo sammuu saayinsii shaakallii kan saayinsiiwwan uumamaa fi namummaa hunda irra deebi'ee boce waliini. Caraan nuti duula kana keessatti qabnus yookii gara ijjannoo amantii qofa dubbisuutiin of irraa qolachuu ykn immoo gama saayinsiiwwanii fi beekkumsa mul'ata Qur'aanaa kan hawaa fi waan hunda qixxisu irratti hundoofnee Islaamessuun qindoomina qaroomaa fi duudhaa ammayyaa kana cabsuu irratti dalaguudha.

Saayinsiileen shaakallii kun hundi jalqaba imala isaanii irratti gufuun qunnamaa ture, hanga ammaattis gufuun sun hin dhiifne. Sababni isaas, gar-tokkee wantootaa qofa irratti fuulleffachuun gama bal'aa hawaa kan wahyii Qur'aanaa keessa jiru san of keessatti waan hin hammatiniifi.

﴿ إِنَّ ٱلَّذِينَ يُجَٰدِلُونَ فِيٓ ءَايَٰتِ ٱللَّهِ بِغَيۡرِ سُلۡطَٰنٍ أَتَىٰهُمۡ إِن فِي صُدُورِهِمۡ إِلَّا
كِبۡرٞ مَّا هُم بِبَٰلِغِيهِۚ فَٱسۡتَعِذۡ بِٱللَّهِۖ إِنَّهُۥ هُوَ ٱلسَّمِيعُ ٱلۡبَصِيرُ ﴿٥٦﴾ لَخَلۡقُ ٱلسَّمَٰوَٰتِ
وَٱلۡأَرۡضِ أَكۡبَرُ مِنۡ خَلۡقِ ٱلنَّاسِ وَلَٰكِنَّ أَكۡثَرَ ٱلنَّاسِ لَا يَعۡلَمُونَ ﴿٥٧﴾ ﴾ غافر: ٥٦ - ٥٧

*[Namoonni mallattoolee Rabbii irratti ragaa dhugaatiin ala morman, qoma isaanii keessa boonatu jira. (Waan nuti isaan dhoorganne) kan itti gayuu hin dandeenye (saniif waanyu). Rabbitti maganfadhu. Inni dhagayaa fi argaadha. Samii fi dachii uumutu ilma namaa uumuu caalaa guddaadha. Garuu namoonni hedduun kana hin beekan] (Gaafir: 56-57).*

Dhimmichi dhimma addunyaawaa ta'uun, dhimmi Qur'aanawaa ta'uu nuuf raggaasisa. Waldhiibiinsa amantii fuul-duratti, qindoominni qarooma addunyaa kufaa dhufuu keessatti, nabiyyummaan xumuramuu waliin, burjaaja'iinsi xiinxalaa fi beekkumsaa mul'achuu waliinuu, Qur'aanni kitaaba wahyii waan ta'eef, duula dimshaashawaa taassisuun eega qaroomni hundi bu'aa buusuu dadhabes kophaa isaa kennaa fi arjooma itti fufee jira. Duulli kunis hagam takka adeemsa Qur'aanaa akka qayyabannee fi dubbisa lamaan walitti maknee adeemsa saayinsiiwwan hundaa caallee qarooma hunda irratti ol'aantummaa keenya mirkaneessuu irratti qormaata nuuf dhiyaateedha.

Saayinsiiwwan gadaa ammaa kun sadarkaa wantoota hamma baay'ee xinnaa dhuma hin qabnetti addaan qoqqooduu irra gayee, hawaa bal'aa guddinni isaa dhuma hin qabne keessa balali'uu irra gayee jira. Wantoonni (*Substance*) akka abbootiin keenya ka durii

itti qayyabatan sanii miti. Wantoonni ijaan mul’achuu danda’u, bocaan ija duratti mul’achuu waan danda’uudha. Miirri tooftaa waa hubachuu ta’ee ture, miira maaykirooskooppii fi elektiroonawaatiif karaa saaquun wantootaaf hiika ykn hubannoo haaraya kennee jira.

Warroonni nu duraa, wanti baay’ee xiqqaa ta’e (*Particle*) akka cirracha xinnaa ijaan mul’achuu danda’uutti fudhataa turanis, qabiyyeen baay’ee xiqqaa ta’e (particle) kun tooftaalee argannaa ammayyaatiin guddifamee hiikkaan isaa waan mul’atu irraa gara waan hin mul’anneetti jijjiiramee jira.

﴿ فَلَآ أُقۡسِمُ بِمَا تُبۡصِرُونَ ۝٣٨ وَمَا لَا تُبۡصِرُونَ ۝٣٩ ﴾ الحاقة: ٣٨ - ٣٩

*[Waan isin argitaniin kakadha. Waan isin hin argineenis (ni kakadhu)] (Al-Haaqqah: 38-39).*

Namoonni nu duraa marsaa seenaa akka waan walitti aanee irra deddeebi’eetti hubatanis, marsaan kun yeroo har’aa wanta sosocha’u fi jijjiirama akkaataa (gosaa) qabata, jijjiirama hammaa (baay’inaa) qofaa miti. Sababa saayinsaawaa ammayyaa jidduu garaagarummaan jiru kana. Sababni ammayyaa sadarkaa jalqabaa irratti sosochii fi jijjiirama akkaataati[3].

[3] - Marsaa seenaa qayyabannaa wal-duraa duubaan dhufee fi deddeebi’iinsa qabuun qayyabachuun, gara ilaalcaha tasgabbaayaa keessi namaa itti amanu, kan marsaawwan galteewwanii deddeebi’uun furmaata deddeeb’aa ta’e isaaf kennuuf haala mijeessa jedhutti nama geessa. Kun immoo sadarkaalee furmaanni sunniin keessa darbanii fi akkaataa isaa irratti fuulleffachuun alatti. Ilaalchi seenaan sosochii fi jijjiirama akkaataa irratti bu’uureffama jedhu immoo sammuu namaa morka guddaa keessa seensisuun bifa itti fufiinsa qabuun akka inni furmaata haaraya dhiyeessuu fi yeroo

**Beekkumsa Islaamessuu fi Booddee Dhala Namaa**

Dhimmi beekkumsa Islaamessuu jedhu kun, dhimma afaaniin qoosamu ykn dhimma waldhabbii falaasamaatii miti. Dhimmi kun dubbisa lamaan walitti makuun dirqama wanti inni jedhuuf, xiinxala dhala namaa kana burjaaja'iinsa barnoota amantii kan namaa fi uumama irraayis mirga isaanii sarbe kana irraa bilisa baasuufi. Akkasumas dhala namaa xiinxala saayinsii namaan bocamee kan saayinsii Rabbii waa hunda uumeen addaan baasu irraa qulqulleessuufi.

Adeemsi lamaanuu jijjiiramaa fi dhiibbaa jireenya namaa, qindoomina qaroomaa, sonootaa fi seerota isaa irraan gayutu jira. Beekkumsa Islaamessuun yoo sirritti gadi qabnee ilaalle, seensa qarooma addunyaa gutuu bakka bu'uuti. Seensi kunis Muslimoota qofa osoo hin taane, addunyaa guutuu haaroomsuu irratti fuulleffata. Kun immoo dhimma baay'ee guddaa qorannoolee babbareeda ta'an hedduu barbaaduudha. Qorannooleen kunis qorannoolee fi qu'annoo Qur'aana bifa haarayaan hubachuu fi ilaalcha addunyaawaa, saayinsaawaa fi adeemsa eeggateen ilaaluun isa hubachuu irratti gaggeeffamu ka'umsa godhachuu qaba. Kunis dirqama jalqabaa kan beekkumsa Islaamessuu irraa eeggamuudha.

Qur'aana bifa adeemsa irratti hundaa'een geengoo tokkummaa fi ijaarsa guutuu isaa kana keessaa osoo hin baafne

---

hundayyuu maddi itti deebii isaa Qur'aana kabajamaa akka ta'u dirqama isa irratti godha. Gama nama Muslimaatiin, ilaalcha sosochii fi hariiroo itti fufaa ta'e Qur'aana kabajamaa waliin akka qabaatuu qabu isa gorsina. Sababni isaas bifa itti fufiinsa qabuun yoomiyyuu madda furmaataa ta'uu kan danda'u Qur'aana qofa waan ta'eefi.

hubachuun alatti beekkumsa Islaamessuu gadi dhaabuun waan hin danda'amne. Qayyabannaan nuti Qur'aanaaf qabnu hubannaa adeemsa ammayyaa hawaaf nuti qabnuun kan walitti hidhata qabuu fi akkaataa sirna sosochii isaas kan calaqqisiisu ta'uu qaba. Adeemsi addunyaa ammayaa heddummina gara tokkummaatti jijjiiruu danda'a. Hariiroo fi seerota isa keessatti dhokatan, kan isa duubattis dhokatan argachuuf jecha wantoota gamaaggama. Hiikkaa isaa qofa irratti hin dhaabatu. Qur'aanni kabajamaa fi ulfeeffamaan adeemsa kanaan wal-simata. Akkuma kanaan dura jenne, sammuu saayinsaawaa fi addunyaawaa ta'een adeemsuma saayintistoonni waa'ee hawaa barsiisaniin nutis kitaaba ulfaataa kana nama barsiifna.

Burjaaja'iinsi bira kutuu qabnu fi injifachuu qabnu ni jira. Innis sammuun saayinsaawaan, addunyaawaa fi ammayaawaan kitaabota amantii hunda fudhachuu dida. Mata dureelee isaa garii fudhatus, adeemsaa fi akkaataa ijaarama isaa fi kaayyolee isaa fudhachuu dida. Sababnis hojiin kitaabota amantii bakka keessi namaa itti amanuu fi wantoota dhokatuu uumama duubaan jiru qofa irratti dhaabbachuu qaba jedhu. Itti aansee akka ilaalcha jara kanaatti haala kitaabota amantii keessa waa'een waan nama jalaa dhokatee (*geeybaa*) haga jiru dubbisa lamaan walitti makuun hin danda'amu jedhu.

Akka ilaalcha warra sammuu saayinsii ammaatti amanuutti, sababoota olitti tarreessine kanaaf kitaabota amantii akka maddoota beekkumsaatti fudhachuun hin danda'amu. Waa'ee wantoota ijaan hin mul'annee (*geeybaa*) ykn oduulee seenaa durii garii irraa wanti kitaabonni waaqa irraa buufaman itti akeekan hunduu, qorannoo saayinsii ammayyaatiif waan hin mijanneef,

bifa ykn ibsa saayinsii (beekkumsa) jedhamu kennuufiin hin mijatu. Wanti dhaabbanni Yuuneeskoo (UNESCO) hiika beekkumsa yeroo addunyaaf ibsu, beekkumsa jechuun “Waan beekamaa shaakallii fi miira jala ooluu danda’u” jedhee wanti hiikeef kanaafi.

Ilaalchi kun hubannaa dogongoraa waa’ee dubbisa lamaan walitti makuun hubachuu dhabuu irraa kan maddeedha. Kaayyoon dubbisa lamaan walitti makuu argama hubachuudha. Kunis kan ta’uu danda’uun dubbisa lammaffaa qofaanii miti.Osoo dubbisa lammaffaa qofa irratti kan geeffannu ta’ee, silaa geengoo seera xiinxalaa fi jechoota waa’ee argamaa irratti jedhaman keessatti hafna. Ilaalcha wal-falmiinsa saayinsii ammayyaa fi reeshoo isaa jedhu fayyadamuun, yaada wantoota addaan qoqqooduu fi kutaalee baay’ee xixiqqaa ta’anitti babaasuu fayyadamna ture.

Hanqinni dubbisa lammaaffaa qofa irratti hundaa’uu asitti ifa baya. Dubbisni lammaaffaan kophaa isaatti xiinxala namaan bocame kan kutaa muraasa wantootaa qofa irratti hundaa’utti nu geessa malee gara xiinxala hawaa guutuuttii miti. Yeroo dubbisa lammaffaa dubbisa jalqabaatiin walitti daballu immoo, kutaalee wantoota muraasaa kan daangeffamaa ta’e irraa gara hawaa guutuu daangeffama hin qabnee kan wantoota mul’atanii fi hin mul’annes of keessatti hammatuutti deemna. Waan dhokataa uumama duubaan jiru jedhanii moggaasan san fudhachuu diduun dubbisa jalqabaa fudhachuu dhiisuudha.

Dubbisni uumamaa wahyii keessa maqaa Rabbii waan hunda uumeetiin barbaaduudha. Wahyiin dimshaashawaa daangeffama hin qabne kan kutaalee wantootaas hubatuudha. Dubbisni

jalqabaa wantoota dhokataa fi kanneen uumama duubaan jiran hundayyuu adeemsa keessatti akka kutaa bu'uuraatti fudhata. Kunis waan beekamaa dhugoomsuun dirqama ta'eef qofa osoo hin taane, dubbisa lammaffaa caalaa ragaa argama hawaa ibsu waan ta'eefi. Kuni immoo waan uumama hawaa guutuu ta'ee san himuudha.

*Geeybaa* fageessuun dubbisa jalqabaa kan qorannoo hunda keessattii fi dhimmoota hunda keessatti sadarkaa argamaa fi uumama hawaatti ergaa mataa ofii qabu san fageessuudha. Dubbisni kun akka namoonni gariin jedhan san oduu durii osoo hin taane, dhimma argama isaa raggaasisuu keessatti ragaa gadi dhaabbataa qabuudha. Yoo ergaa ykn kallattii isaa ka hin fudhanne taate, gara dubbisa lammataatti namaan bocamee san qofatatti deebi'uu keenna. Yeroo sanitti seenaa irraa hiikni dhugaa hawaa maal akka ta'eyyuu beekuu hin dandeennu.

Dubbisni jalqabaa (Wahyiin) jiraachuu Rabbiititti amanuu qofa ka nama irraa barbaaddu osoo hin taane, gara tokkichummaa Rabbii, akkaataa bocama hawaa fi booddeen dhala namaa hunduu haala uumama hawaatiin walitti hidhata qabaachuu isaa nuuf ibsa. Kana jechuun dubbisni jalqabaa kun adeemsa uumamaa adeemsa wantootaa qalamaan dubbifamanii hubatu jechuudha.

Yoo adeemsa uumama kana Rabbitu uume jedhuu fi adeemsa wantootaa kan qalamni walitti qabee dubbisa hawaa kana galmeessu walitti idaane, iimaanni guddaan waa heddu hammatu yeroo san mirkanaaya. Yoo akkas hin ta'in adeemsi keenna akka meeshaa waa irratti barreessanii kan waan feene keessaa filannee kaan dhiifnuu ta'uun dubbisa jalqabaa irraa gara dubbisa lammaafftti dabutu argama.

Addunyaan kun burjaaja’iinsa xiinxalaa fi qarooma isaa kana keessaa bayuuf, hawaa kana keessatti waan dhokatee jiru kan argama kanaa fi booddee isaa boce kana hunda gadi fageenyaan hubachuu qaba. Kuni immoo dirqama dubbisa jalqabaa kan namoonni gariin geengoo saayinsii irraa fageessuun dirqama ta’a jedhaniiti.

Itti gaafatamummaan jiruu fi morki jiru baay’ee guddaadha. Akkuma hawaan kun bal’ataa deemuun babal’ata. Jalqabni isaa dubbisa lamaan walitti makuu yoo ta’u kaayyoon isaa immoo akka qajeellumni nama hunda bira gayee, dhugaan babal’atee, dachiin ifaa iimaanaa fi Qur’aanaatiin iftuuf jecha beekkumsa Islaamessuudha. Waliin marii saayinsii bu’uura godhate, kan kaayyoo bareeda qabuu fi adeemsa hojitti jijjiiruu itti fufuun keenna gufuulee kanaa fi kanneen biroos karaa irraa nu jalaa kaasa. Namoonni muummeewwan barnoota biraa irraa bayan adeemsa beekkumsa Qur’aanaatti dhimma bayuun immoo cinaalee isaa akka hubataniif karaa saaqa, qorattootaa fi saayintistoota ittiin amansiisuuf nama gargaara.

Rabbiin murtiin isaa injifataadha. Garuu namoonni hedduun hin beekan.

# Kitaabni Kun

Ibsi 'beekkumsa Islaamessuu' jedhu kun, akka sadarkaa biyyoota Islaamaa qofatti osoo hin taane, akkuma sadarkaa addunyaatittuu gaaga'ama beekkumsa ammayyaa fi gaaga'ama xiinxala idil addunyaa ammaa keessaa bayuuf gama beekkumsaa fi qaroominaatiinis waan beekamuun isaa dirqama ta'eedha.

Beekkumsa Islaamessuun kun kitaabota lama wal-maddii dubbisuun milkaaya. Isaanis: kitaaba wahyii dubbifamaa, inni kun Qur'aana yoo ta'u, inni lammataa kitaaba hawaa ijaan ilaalaniiti, kunis waan jireenya kana keessa jiru hunda hammata. Qur'aanni kabajamaa fi hawaan uumamni isaa dinqisiifamaa ta'e kun inni tokko ergaa isa kaanii jajjabeessa, seerota isa kaaniitti nama qajeelcha, wal-utuba. Qur'aanni hawatti qajeelcha, hawaanis Qur'aanatti qajeelcha. Isa kana 'dubbisa lamaan wal-maddii dubbisuu' jennee yaamuu dandeenna.

Dubbisni kun lamaan yoo gara gara addaan baafaman, imaammanni beekkumsa ilma namaa kun rakkoolee lama jajjabatti nama geessa: namoonni waan dhokataa (geeybaa) qofa irratti fuulleffatan, kan wahyii qofa dubbisan, waan ijoo gatanii jiru, amantaa isaanii gara barnoota amantii fi waa'ee tajaajiltoota amantichaa qofatti gabaabsee jira. Dubbisni kun kophatti dubbifamuun maammiloota isaa gara xiinxala gogaa jijjiirama ufitti hin fudhanneetti geessa, dogongoraan waan amantaa irra jiru uf se'utu mala. Namoonni waa'ee hawaa qofa dubbisan, wantoota dhukatoo ta'an kan hawaa kana argamsiisee sosochoose waakkatutti geessa.

Dubbisa lamaan walitti fiduun wal-maddii qabanii irraa barachuun imaammata qofa osoo hin taane, tooftaalee dubbisa lamaan walitti qabuun si'eessuu irratti elamantiiwwan wayii sosochoosa, waan dubbisa lamaan addaan fageessu osoo hin taane kan walitti hidhu uuma, saayinsii shari'aa fi hawaasaa walitti baqsa. Faaydaa guddaa kitaaba kanaa keessaa inni tokko barbaachisummaa dubbisa lamaan wal-cinaa oofuu fi miidhaa isa addaan baasuun qabu gadi fageenyaan ibsuudha.